# XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII FI WALDHABBII ASOOSAMAA BOOREE GANAMAA

MAQAA QORATTUU: BASHAATUU LATAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII

GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA 2014/2021

FINFINNEE OROMIYAA

# XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII FI WALDHABBII ASOOSAMAA BOOREE GANAMAA

MAQAA QORATTUU: BASHAATUU LATAA

GORSAAN: TOLAMAARIYAAM FUFAA(PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII

GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA 2014/2021

FINFINNEE OROMIYAA

## Galata

Hunda dura bu'aa ba'ii jireenyaa keessa na dabarsee Sadarkaa kanaan kan na gahee hojii koo kana hojjedhe akkan xumuruuf kan na gargaaree Waaqayyoon nan galateeffadha. Itti aansuun akkaataa qorannoo geggessuu keessatti nuffee osoo hin jedhiin irra deddeebiin kan na sirreessaniifi karaa na qabsiisan Tolamaariyaam Fufaa (PhD)tiif galanni koo guddadha. Akkasumas, maatiikoofi hiriyootakoo mara jalqabaa kaasanii hanga dhummaatti wantoota na barbachiisaan naaf guutuun milkaa'ina qorannoo kootiif deggersa baajetaa naaf godhaan guddaan galateeffadha.

***AXEREERAA***

*Qorannoon kun kan inni irratti gaggeeffame waldiddaafi itti fayyadama afaanii kitaaba asoosamaa Booree Ganamaa irratti. Kaayyoon gooroo qorannoo  kanaas waldiddaafi itti fayyadama afaanii asoosama Booree Ganamaa keessatti argaman qaaccessuudha. Kaayyoon gooree qorannichaas Gosoota waldiddaa asoosamichaa keessa jiran, haala dhiyaannaan waldiddichaafi waldiddaan adeemsifame eenyuufi eenyu gidduutti adeemsifame kan jedhuun qaacceffameera. Gosti qorannichaa immoo gosa qorannoo akkamtaa yoo ta'u;  mala funaansa ragaalee jiran keessaa sakatta'a  dookimantiitti dhimma bahuun madda ragaa tokkoffaa qorannichaa kan ta'e  kitaaba asoosamaichaa irraa funaannachuudhaan  mala qaaccessaafi hiika ragaaleetti  dhimma bahuun  odeeffannoo  qorannichaaf  sakatta'aman  bal'innaafi gadfageenyaan ibsamuun  cuunfaa, argannoofi yaboon qorannichaa  kaa'ameera. Akkasumas gama itti fayyadama afaaniitiin argannoowwan gurguddoon qorannoo kanaa barreessaan afaan inni fayyadame: malleen dubbii, gosa gosaan akkaataa qabiyyee ergaa isaan dabarsanirratti hundaa'uun kaa'eera. Itti aansuunis, fayyadamni jechootaa, jechoota filatamoo, jechamoonniifi mammaaksonni jechoota  barsiisuuf mijatoo waan ta'aniif qabiyyee barnoota Afaan Oromootti dabalamanii barnoota kennamu qabatamaa ni taasisu. Akka ciminaatti kan kaawamu, jechoonni bakka barbaachisaatti galuun fayyadama afaanii sirriiti kan hawasasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti fayyadamu ta'uu isaati.  Akkasumas haala yeroo isaa wajjin walqabachuun jechoota filatamoo barreessaan asoosama kanaa  itti gargaarame  ciccimoofi sirriitti nama ibsuu danda'anitti gargaarameera. Akka dadhabinaatti kan ilaalaman ammoo, barreessichi darbee darbee sirna tuqaaleefi dogoggora qubee  akkasumas, darbee darbee jechoota safuu hin eeggannetti gargaaramuu isaa mul'ateera. Akka furmaataatti kan kaa'ame, seenaa, aadaafi duudhaa, amantiin fayyadama jechootaa barreessaan waan dhihaataniif  osoo gumii dagaagina ogbarruufi Afaan Oromoo manneen barnootaa keessatti barattoota hirmaachisan barumsa dabarsuu danda'a. Barreessaan asoosama isaa keessatti qubeessuufi sirna tuqaalee fayyadamuu irratti xiyyeeffannaa osoo kenne gaariidha. Akkasumas, jechoota filatu keessatti jechoota safuu hawaasaa eeganiifi fudhatama qabanitti utuu gargaarame aadaa fayyadama afaanichaa babal'isuu danda'a.*

# Baafata

Qabiyyee Fuula

Galata ... i
*AXEREERAA*... ii
Baafata ... iii
Boqonna Tokko: Seensa ... 1
1.1 Ariirrata Qorannichaa ... 1
1.2. Ka'uumsa Qorannichaa ... 3
1.3 Kaayyoo Qorannichaa ... 3
1.3.1 Kaayyoo Gooroo ... 3
1.3.2 Kaayyoo Gooree ... 4
1.4 Faayidaa Qorannichaa ... 4
1.5 Daangaa Qorannichaa ... 5
1.6 Hanqina Qorannichaa ... 5
1.7. Malleen Qorannichaa ... 5
7.1.Saxaxa Qorannichaa ... 5
1.7.2. Madda Ragaalee ... 5
1.7.3. Mala Iddattoofi Iddatteessuu ... 6
1.7.4.Mala Qaaccessa Ragaalee ... 6
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ... 7
2.1. Maalummaa Ogbarruu Barreeffamaa ... 7
2.2. Gosoota Ogbarruu Barreeffamaa ... 7
2.3. Maalummaa Asoosamaa ... 7
2.4. Faayidaa Asoosamaa ... 8
2.5. Gosoota Asoosamaa ... 8
2.5.1. Asoosama Dheeraa ... 8
2.5.2. Asoosama Gabaabaa ... 8
2.6. Caacculee Asoosamaa ... 9
2.6.1. Waldiddaa ... 9
2.6.2. Gosoota Waldiddaa ... 9
2.6.2.1. Waldiddaa Keessaa ... 9

2.6.2.2. Waldiddaa Alaa ........ 10
2.6.2.2. Waldiddaa Namaafi Namaa ........ 10
2.6.2.3. Waldiddaa Namaafi Hawaasaa ........ 10
2.6.2.4. Waldiddaa Namaafi Uumamaa ........ 10
2.6.2.5. Waldiddaa Namaafi Uumaa ........ 10
2.7.Fayyadama Afaanii Asoosama Keessatti ........ 11
2.7.1. Fayyadama Jechootaa ........ 11
2.7.2.Malleen Dubbii ........ 15
2.7.2.1. Faayidaa Malleen Dubbii ........ 17
2.7.2.2. Gosoota Malleen Dubbii ........ 17
2.7.2.2.1. Akkasaa (Simile) ........ 18
2.7.2.2.2. Bakkabuusa (Methophor) ........ 18
2.7.2.2.3. Nameessuu (Personification) ........ 19
2.7.2.2.4. Ukukkubee (Hyperbol) ........ 19
2.7.2.2.5. Eemitii/Fuggisoo/Mitiyyee (Paradox) ........ 20
2.7.2.2.6. Habalaka ........ 20
2.7.3. Mammaaksa ........ 20
Boqonnaa Sadii: Qaaccessa Ragaalee ........ 22
3. 1. Qaaccessa Waldiddaa Asoosama Booree Ganamaa ........ 22
3.1.1. Waldiddaa Qooddataafi Mataa Isaa ........ 22
3.1.2. Waldiddaa Qooddataafi Hawaasaa ........ 23
3.1.3. Waldiddaa qooddataafi uumamaa ........ 24
3.1.4. Waldiddaa Qooddataafi Uumaa ........ 25
3.1.5. Waldiddaa Qooddataafi Qooddataa ........ 26
3.2. Fayyadama Afaanii Asoosama Booree Ganamaa ........ 27
3.2.1 Fayyadama Dhamjechootaa ........ 27
3.2.1.1.Dhamjecha hortee ........ 27
3.2.1.1.1. Dhamjecha Hortee Lakkoofsaa ........ 27
3.2.1.2. Dhamjecha uumamtee ........ 30
3.2.2. Fayyadama jechootaa ........ 31
3.2.2.1. Fayyadama jechoota faallaa ........ 32
3.2.2.2. Jechoota Ergisaa ........ 33

3.2.2.3. Jechoota wal fakkii........................................................................................................35
3.2.4. Fayyadama Malleen dubbii..........................................................................................37
BOQONNAA AFUR : CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ..............................................................42
4.1. CUUNFAA ..................................................................................................................42
4.2. Argannoo.......................................................................................................................42
4.3. Yaboo...........................................................................................................................43
**Wabiilee (References)** ..........................................................................................................44
Waraqaa Mirkaneeffannoo.........................................................................................................45

# Boqonna Tokko: Seensa

## 1.1 Ariirrata Qorannichaa

Afaan meeshaa wal qunnamtii dhalli namaa bifa sagalee dubbiitiin itttiin walii galuudha. Kun immoo dhalli namaa bineensa irraa addaan bahee akka beekamuufi dhalli namaa filatee jireenya akka gaggeessu taasise. Kanaafuu walitti dhufeenya hawaasummaa keessatti afaan gahee guddaa qaba. Kanuma ilaalchisee (Beekan 2015:2) akka ibsutti, afaan kan miseensonni hawwaasaa qofti ittiin waliigalan akka tasaa kan argame, sagaleewwan qaamolee dubbiitin uumaman ittiin kan dhimma bahuuf seeran kan qindaa'e ta'uu ibsa.

Miseensota hawwaasaa qofa yoo jedhamu; dhalli namaa bineensota irraa addaan bahanii beekkaman, kan waliin jiraatan qofti ittiin yaada isaanii wal jijjiirratan, akkasumas ittiin wal gargaaran yoo ta'u, afaan kunis osoo itti hin yaadamin dhalli namaa qofti ittiin dhimma bahuuf kan uummatan jechuudha. Afaan uumame kunis bifa sagalee dubbiitti kan dhimma bahuufii haala uumamsa mataa isaa kan qabudha.

Dhalli namaa eenyummaa isaa ittiin ibsachuuf, aadaa isaa ittiin agarsiifachuuf, fedhii fi hawwii isaa ittiin guutachuuf, afaanitti fayyadama. Ilmi namaa hawaasa keessa jiraatu keessatti wanta keessa isaa jiru baasee ibsachuuf, taateewwan seenaa darbaniif ammaa walbira qabanii dabarsuuf afaanitti fayyadamee dhimma ba'a. Kanaafuu ergaa yookin yaada karoorfame tokko sirriitti kallattii yaadameen galma isaa geessisuuf fayyadamni afaanii murteessadha. Keessumaa immoo barreeffama keessatti dubbisaafi barreessaan alkallatti waan wal arganiif barreeffamni tokko yaada barreessaa haala gaarin dubbisaa biraan ga'uuf afaan ittiin barraa'e sun seera afaanichaa eegee sirriitti yoo qindaa'edha. Barreeffama tokko keessatti fayyadamni afaanii sagalee irraa kaasee jiru ga'uumsa kan qabu ta'uu qaba.

Fayyadama afaanii jechuun seera xiinqooqaa afaanii keessatti, haala hojii irra oolmaa xiinsagaa, xiinjechaa, xiinhimaa, xiinhiikaa fi loogawwan garagaraa ittin hawaasa tokko keessatti hubatamanidha. Akkasumas afaan hawaasni dhimma tokkoof kennuufi maal maalin walqabsiisee akka ibsu kan calaqqisiisudha. Keessumattuu seera fayyadama afaanii keessatti waan ibsuu barbaadame maalitti dhimma bahamanii akka ibsaman kan ifa taasisudha. Dabalataanis jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti, dhimmi tokko yeroo ibsamu, darbuufi ta'uu afaanitti

fayyadaman garaagarummaa qabaachuu danda’a. Kunis haala waamicha yookiin moggaasa waan tokkoo keessatti afaan itti fayyadaman jiraachuu danda’a. Kun immoo akka walii galaatti fayyadama afaanii jedhama.

Fayyadamni afaanii, dhimmoota siyaasaa, diinagdee, amantii, adaada fi hawaasummaa keessatti haala garagaraan waamamuu danda’a. Karaa biro immoo fayyadamni afaanii, jiruufi jireenya dhala namaa keessatti komii, shakkii, jajuu, mormii, bashannana, gadda, gammachuufi waan kana fakkaatan hawaasni ittin dhimma ba’udha. Kanaafuu fayyamni afaanii jireenya dhala namaa keessatti, dhala namaa irraa osoo adda hin bahin kan jiraatu fi jireenya guyyuu dhala namaa wajjin kan walsimatudha(Beekan,2015:2-7).

Qorannoo kun kan geggeeffamu, itti fayyadama afaaniifi wal dhabbii kitaaba asoosamaa irratti yoo ta’u, Waldiddaan caacculee asoosamaa keessaa isa tokkodha. Waldiddaan asoosama tokko keessatti asoosamichi gara fuula duraatti akka tarkaanfatu yaanni yookiin ergaan barreessaan dabarsuu barbaade akka galma ga'u gochuu keessatti qaama gahee olaanaa taphatuudha. Akkasumas walitti bu'iinsa namfakkii seeneffama tokko keessatti argamaniidha. Beekan (2012: 24) "Jireenya dhugaa keessatti namoonni bu'aa ba'ii jireenyaa hedduu waliin wallaansoo walqabaa oolu. Qabsoowwan kanneen jiraachuuf, wantoota jireenyaaf barbaachisan guuttachuuf, waan fooyya'aa argachuuf yokaan waan hawwan mara guuttachuuf geggeeffama. Jiraachuuf yokiin fedhii ofii guuttachuuf immoo namoota garaa garaa waliin hariiroon ni uumama" jedha. Akka waraabbii kanaatti waldiddaan jireenya dhugaa namoota bu'aa ba'ii addaa addaa keessa darbuudhaaf wantoota hedduu wajjin namoonni wallaansoo walqabaa oolu yoo ta'u, Kun immoo waldiddaa jedhamee beekama.

Kanuma irraa ka’uudhaan qorannoon kunis xiinxala itti fayyadama afaaniifi wal dhabbii kitaaba asoosama Booree Ganamaa jedhu keessatti argamu ija fayyadama afaanii yookiin xinqooqaatin maal akka fakkaatu xinxaaluu irratti kan xiyyeeffateedha.

### 1.2. Ka'uumsa Qorannichaa

Barreeffamni afaan tokkoo yeroo barreeffamu haalli jechoota fayyadamuu fi seerlugni ittiin barreeffamu, ulaagaa afaanichaa eeguun irrra eegama. Afaan oromoo yeroo afaan barnootaa fi afaan sab-qunnamtii ta'ee jiruudha. Afaan oromoo guddina irra jiru cimsee itti fufuun akkuma afaanota biroo afaan qorannoo, afaan saayinsii fi qo'annoo akka ta'uuf, wantoonni bareeffaman kunniin qulqullaa'uu fi sakatta'amuu qaba. Wanti qabatamaan mul'atu fayyadama afaanii irratti asoosamoonni afaan oromoon barreeffaman hanqinni akka jiru agarsiisa. Hanqina akkanaa kana hir'isuuf qorannoowwan fayyadama afaanii irratti hojjataman barbaachisoo waan ta'aniif anis gama kootin gaaffilee kana gadii irratti hojjadhee gumaacha taasisuun barbaadeeni. Akkasumas, qorannoowwan hedduun caacculee asoosamaa addaa addaarratti hojjetamanii jiru. Qorattoonni qorannoowwan mata duree kanaa wajjin walfakkaatu hojjetanii jiran; Haata'u malee qorannoo kiyya kana caacculee asoosamaa keessaa wal dhabbiifi itti fayyadama afaanii irratti xiyyeeffadheera. Qorannoowwan kanaan dura geggeeffaman keessatti kallatti xiyyeeffannoo koo kanaan kan walfakkaatu hin jiru. Walumaagalatti gaaffileen bu'uuraa qorannoo kootii armaan gaditti dhiyaataniiru;

- Haalli fayyadama afaani dhamjechoota haala kamii dhimma itti bahame?
- Xiyyeeffannoon barreessitootaa karaa fayyadama afaanii hanga tokko cimina qabaa?
- Haalli fayyadama jechoota ergisaa, jechoota hiikaa wal fakkii, jechoota faallaa fi kkf haalan dhimma itti bahamuu?
- Gosoonni waldiddaa asoosamicha keessa jiranii kan akkam akkamiiti?
- Akka asoosamichaatti Sababoonni waldiddaa uuman maal maal fa'i?
- Waldiddaan asoosamichaa haala akkam akkamiitiin mul'ata?

### 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gurguddaa lama of keessaa qaba. Isaanis kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooreedha.

#### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyon gooroo qorannoo kanaa waldhabbiifi itti fayyadama afaanii asoosama "Booree Ganamaa" jedhu xiinxaluudha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

- Haala fayyadama dhamjechootaa adda  baasun, akakaakuu akaakudhaan ibsuu,
- Haala fayyadama loogaa sadarkaa dhamjecha fi jechaatti kitaabicha keessatti argaman adda baasuun sakatta'uu,
- Jechoota ergisaa, jechoota walfakkii fi jechoota faallaa walii ta'an sakatta'uun ibsuu,
- Malleen dubbii fi mammaaksota asoosama kana keessa jiran maal ibsuuf akka galan xinxaalun ibsuu,
- Gosoota waldiddaa asoosamicha keessa jiranii adda baasuu,
- Sababoota waldiddaa asoosamicha keessatti uuman ibsuu,
- Haalota waldiddaan asoosamichaa ittiin mul'atan tarreessuu,

## 1.4 Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun faayidaa hedduu qabaachuu danda'a. Faayidaan qorannoo bu'aa qorannichi kennu irratti xiyyeeffata. Kana malees, qorannichi beekumsa kan bal'isu yoo ta'e akkamitti akka galma ga'u kan ibsudha. Kanaafuu qorannoon tokko yemmuu qoratamu gaaffileefi rakkoolee adda addaaf furmaata barbaaduf ga'ee guddaa qaba. Kanumarraa ka'uun qorannoon kun yeroo gaggeeffamu bu'aawwan armaan gadii kana qabaachuu danda'a.

- Rakkoowwan gama fayyadama afaanitiin kitaaba asoosama kana keessatti mul'atan adda baasee akkaataa isaan ittiin sirreeffatan agarsiisun, rakkoon kun akka itti hin fufne godhuudha.
- Namoota asoosama barreessuu barbaadaniif akkaataa fi gosa waldiddaa akkamiin caasessuu akka qaban irratti hubannoo kennuu dandaa'a.
- Namoota hojii barreeffama asoosamaafi kan biroo irratti bobba'aniifi bobba'uu fedhaniif fayyadama afaanii irratti karaa agarsiisudhaf.
- Gara fuulduraatti barreeffamni gama fayyadama afaaniitiin ga'uumsa qabu akka mul'atu taasisuuf.
- Namoota kanaan booda qorannoo walfakkaatu fayyadamaniif ka'uumsa ta'uu danda'a.

- Akka madda ragaatti tajaajiluu danda’a.

### 1.5 Daangaa Qorannichaa

Fayyadamni afaanii wantoota seera xiinqooqaa keessa jiran mara haammata. Xiinqooqni immoo yaadrimeen isaa baldhaa waan ta’eef yeroo tokko keessatti qorachuun, yeroos ta’ee maallaqa guddaa gaafata. Kana malees, caacculeewwan asoosamaa jiran keessaa Wal dhabbii irratti xiyyeeffadheera.  Akkasumas waa’ee afaaniifi caacculee asoosama hundaa altokkotti qoratanii bira gahuun rakkisaadha. Sababa kanaaf mata duree daangessuun barbaachisa. Dabalataanis afaan barreeffamoota kam keessattiyyuu bu’uura. Kanaafuu asoosamni afaan oromoos heddudha. Altokkotti fayyadama afaan isaanii xinxaalun sakatta’uun waan hin danda’amneef qorattuun mata duree ishee “xinxaala waldhabbiifi itti fayyadama afaanii, asoosama Booree Ganamaa irratti akka daangessitu dirqamteetti.

### 1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yemmuu gaggeeffamu hanqinoonni adda addaa qorattuu mudachuu danda’aniiru. Kanummaan wal-qabatee, qorattuun wayita qorannoo kana gaggeessaa turtetti rakkooleen adda addaa muudataniiru. Rakkoolee kanneen keessaa inni tokko rakkoo kitaabilee wabiif gargaaran bal’inaan argachuu dhabuudha. Haata’u malee kitaabilee wabiif isa gargaaran toora interneetiirraa buufachuun rakkoo kana jalaa bahuu danda’eera. Rakkoon inni lammataa immoo rakkoo maallaqaati. Rakkoo kanaafis osoo harka hinkennin namoota ogummaa barreeffamaan nagargaaruu danda’an eyyamsiifachuun barreeffamicha kaffaltii tokko malee naaf barreessuun, qorannoon kun akka galma barbaadame gahuuf nagargaaraniiru.

### 1.7. Malleen Qorannichaa

#### 7.1.Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoo qorannoo tokkoo galmaan ga'uuf malli qorannoo barbaachisaadha.Kaayyoon qorannoo kanaa inni ijoon, itti fayyadama Afaaniifi Wal dhabbii asoosama Booree Ganamaa xiinxaluudha.Qorannoo kana galmaan ga'uuf akaakuu qorannoo akkamtaan kan hojiirra ooleedha.

#### 1.7.2. Madda Ragaalee

Qorannoo kanaaf madda ragaa kan ta'u,kitaaba asoosama Booree Ganamaati. Qorannoo kanaaf akka madda ragaatti kanan wabeeffadheef,kitaabicha kallattiin argadhee dubbisuun odeeffannoo

barbaachisaa ta'e waanan argadheefiidha. Akkasumas,maddi ragaa qorannoo kanaa itti gargaarame madda ragaa tokkoffaati.

### 1.7.3. Mala Iddattoofi Iddatteessuu

Iddattoon qorannoo kanaa,kitaaba asoosama Booree Ganamaadha. Waantoota qorannoon sun irratti gaggeeffame kan bakka bu'e jechuudha.Akkasumasas caacculee asoosamaa keessaa wal dhabbiifi itti fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffateedha.

Malli Iddatteessuu qorannoo kanaaf itti fayyadame mala iddatteessuu miti carraa keessaa mala akkayyootti kan dhimma baheedha. Qorattuun qorannoo kanaaf ragaa barbaachisa ta'e argachuu kanan danda'e,mala funaansa ragaa keessaa, sakatta'a dookimeentiitti kan gargaarameeni.

Qorannoon kun gaggeeffamuuf malli ragaan ittiin sassaabamu,sakatta'a dookimeentiiti. Sakatta'i dookimeentii kunis kitaaba asoosamaa Booree Ganamaa gadi fageenyaan dubbisuun wal dhabbiifi itti fayyadama afaanii asoosamichaa xiinxaluun kan sakatta'aamudha.

### 1.7.4.Mala Qaaccessa Ragaalee

Odeeffannoon akkuma funaanamu, odeeffannoo hiikuuniis haala gaariidhaan gaggeeffamuun barbaachisaadha. Kanaafuu, malli qaaccesaa ragaa qorannoo kanaa, ragaalee kitaabicha keessaa funaanaman gadi fageenyaan addeessuutiin hojiirra kan ooludha.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Maalummaa Ogbarruu Barreeffamaa

Ogbarruun ogummaa hawwaasaa barreeffamaan dhalootaa dhalootatti darbaa tureefi darbaa jiruudha. Geetaachoo(2005:133) irrattiyoo ibsu "Ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee kanneen akka fedhii, gammachuu, hawwiifi kanneen kana fakkaatan miidhegsee ilmi namaa walitti qindeessee agarsiisuudha" jedha.

Akka waraabbii armaan olii kanatti ogbarruun waa'ee uummataa uummataaf kandhiyeessuu fi daawwitii jiruuf jireenya ilma namaa ta'uusaa ibsa. Asaffaa(2009:21-22) "Ogbarruun barreeffamaa mala ittiin waan hawwaasummaaf bu'aa qabu tokko waliif dabarsinuudha" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu ogbarruun barreekkamaa karaa ittiin waan hawwasaaf bu'aa qabu dabarsuu dandeenyuudha. Ogbarruu barreeffamaa keennee jedhaman kunimmoo ogwalaloo, diraamaafi asoosama.

## 2.2. Gosoota Ogbarruu Barreeffamaa

Ogbarruun barreeffamaa gosoota gurguddoo sadii ofkeessaa qaba. Isaanis:- Asoosama, diraamaafi walaloodha. Yaada kana Berhanu (2009:24) irratti "Writer literature axsts in the major terms there are function, poeture and drams" jedha.

Waraabbiin armaan olii kun ogbarruun barreeffamaa goorowwan kanneen akka asoosamaa, walaloofi diraamaa akka ta'an ibsa.

## 2.3. Maalummaa Asoosamaa

Asoosamni hojii kalaqaa muuxannoo fi mudannoo ilma namaati. Geetaachoo(2005:13) "Asoosamni hojii kalaqa ilma namaa ta'ee jireenya yokaan gocha hawwaasaafi uumamarratti bu'uureffate waantoota ragaan hin mirkanoofne barreessaan haala bashannansiisuun barreeffamaan dhiyeessuuf, akkasumas bifa yaadaan kan barreeffamuuf barreessuuf dandeettii, beekumsa kan barbaachisuudha" jedha. Waraabbiin armaan olii kun asoosamni hojii kalaqa ilma namaa ta'ee karaa ittiin mudannoofi muuxannoo ofii hawwaasaaf dhiyeessan ta'ee hojii barnoota gahaa barbaadudha.

## 2.4. Faayidaa Asoosamaa

Faayidaan asoosamaa inni guddaan barsiisuuf bashannansiisuudha. Barreessaan asoosamaa fedhii aadaa fi beekumsa hawwaasa naannoo isaa bu'uura godhatee waan barreessuuf dubbistoota fedhii, aadaa fi beekumsa asoosamichaa hubachuudhaan ofsirreessuu kan danda'uudha.

## 2.5. Gosoota Asoosamaa

Asoosamni gosoota garaa garaatti qoodama. Asaffaa(2009:25-26) irratti yoo ibsu "Asoosa bakka gurguddoo lamatti qoodamu. Isaanis:- asoosama dheeraa fi asoosama gabaabaa" jechuun qoodee jira.

### 2.5.1. Asoosama Dheeraa

Asoosamni dheeraan jaarraa 18ffaa keessa erga beekamee jalqabee hanga ammaatti gama addaa addaatiin hiikuuf yaalamee jira. Garuu hiika namoonni marti irratti walii galan tokko lafa kaa'uun hindandaa'amne. Sababiin isaas hayyoonn hedduun asoosama kallattii kalaqaan yookiin kaayyoo barreeffama isaatiin waan walqabsiisaniif namni hundimmoo asoosama kallattii tokkoon hin barreessan waanta'eefidha. Wasanee (2008:84) "Asoosamni dheeraan gosa ogbarruu keessaa tokko ta'ee dhalootaa hanga du'aatti haalli jiruuf jireenya hawwaasaa keessatti mullatuudha" akka yaada waraabbii armaan olii kanatti asoosamni dheeraan seenaa tokko jalqabaa hamma dhumaatti kan seenessuudha.

### 2.5.2. Asoosama Gabaabaa

Asoosamni gabaabaan damee ogbarruu ammayyaa keessaa tokko ta'ee dhimmoota hawwaasa keessatti raawwatamaniif raawwatamuu dandaa'an barreessadhaan kalaqamee yeroo gabaabaa keessatti dubbifamee kan xumuramuudha. Yaada kana Jaarraafi Wasaneen (2000: 137) irratti "Asoosamni gabaabaan seeneffama yeroo gabaabaa keessatti raawwataniif raawwachuun dandaa'amu barreessaadhaan kalaqamanii bifa hololootiin barreeffamaniidha"jedhu. Yaanni kunis seenaan asoosama gabaabaan tokkoo yeroo gabaabduu keessaatti raawwatamuu isaa ibsa.

### 2.6. Caacculee Asoosamaa

Caacculeen asoosama tokkoof utubaa ta'uun akka asoosamichi humnaan cimaa fi tokkummaa qabaatu kan taasisuudha. Caacculee asoosamaa irratti Jaarraafi wasaneen (2000:138) "Miseensota asoosamaa xiinxaluun yaada asoosamaa akka qabnu nu taasisa" jedhu. Asoosama tokko asoosama kan taasisan qindoomina caacculee asoosamaa kanneen akka: seenaa, jaargocha, namfakkii, waldiddaa, ergaa, ija, yoomessa fi fayyadama afaaniiti.

Qorannoon kun caacculee asoosamaa kanneen keessaa waldiddaafi itti fayyadama afaanii irratti waan xiyyeeffatuuf caacculee asoosamaa keessaa waldiddaa haa ilaallu.

#### 2.6.1. Waldiddaa

Waldiddaan caacculee asoosamaa keessaa isa tokkodha. Waldiddaan asoosama tokko keessatti asoosamichi gara fuula duraatti akka tarkaanfatu yaanni yookiin ergaan barreessaan dabarsuu barbaade akka galma ga'u gochuu keessatti qaama gahee olaanaa taphatuudha. Akkasumas walitti bu'iinsa namfakkii seeneffama tokko keessatti argamaniidha. Beekan (2012: 24) "Jireenya dhugaa keessatti namoonni bu'aa ba'ii jireenyaa hedduu waliin wallaansoo walqabaa oolu. Qabsoowwan kanneen jiraachuuf, wantoota jireenyaaf barbaachisan guuttachuuf, waan fooyya'aa argachuuf yokaan waan hawwan mara guuttachuuf geggeeffama. Jiraachuuf yokiin fedhii ofii guuttachuuf immoo namoota garaa garaa waliin hariiroon ni uumama" jedha. Akka waraabbii kanaatti waldiddaan jireenya dhugaa namoota bu'aa ba'ii addaa addaa keessa darbuudhaaf wantoota hedduu wajjin namoonni wallaansoo walqabaa oolu yoo ta'u, Kun immoo waldiddaa jedhamee beekama.

#### 2.6.2. Gosoota Waldiddaa

Waldiddaan gosoota garaa garaatti qoodamu. Fedhasaa(2013: 79) "Waldiddaan gosoota gurguddaa lamatti qoodamu. Isaanis:- Waldidda keessaa fi waldiddaa alaati" jedha. Akka yaada kanaatti waldiddaan bakka lamatti kan qoodamu ta'uu isaa fi waldiddaan keessaa kan namni yaaduma ofii isaatiin waldhabu yommu ta'u, waldiddaan alaammoo kanneen akka namaa fi namaa, namaaf hawwaasaa fi namaaf uumaati.

##### 2.6.2.1. Waldiddaa Keessaa

Namfakkiin tokko yommuu sammuu isaa wajjin walitti bu'u uumama. Fedhasaa(2013: 29) "Keessumaayyuu hayyu dureen kaayyoo isaa fiixaan baafachuurratti yeroo baay'ee sammuusaan bakka lamatti qooduudha. Waldiddaan kun waldiddaa keessaatti ramadama. Mormiin isaa kunis,

wantoota sammuu namaa dhiphisan kaayyoo fi fedhii irraa kan madduudha" jedha. Waraabbii kanarraa kan hubannu, gosti waldiddaa kanaa namni kaayyoosaa fiixaan baafachuuf jecha yeroo inni yaada isaa wajjin walfalmu  jechuudha.

### 2.6.2.2. Waldiddaa Alaa

Waldiddaa alaa kan jedhamu mormii namfakkiin tokko namfakkii naannoo isaa irratti ka'udha. Fedhasaa(2013:80) "Waldiddaan uumamumasaatiin ofii wajjin osoo hin taane namfakkii yookiin waantota biroo wajjin ta'uudha" jedha. Akka waraabbii kanaatti waldiddaan alaa namfakkiin naannoosaa yookaan namfakkii biroo wajjin yommuu waldhabdee uumu jechuudha. waldiddaan alaa gosa afurtu jira. Isaanis:- waldiddaa namaa fi namaa, waldiddaa namaa fi uumamaa, waldiddaa namaa fi hawwaasaa, waldiddaa namaa fi uumaa jechuudhaan qoqqoodamu.

### 2.6.2.2. Waldiddaa Namaafi Namaa

Gosti waldiddaa kanaa gosoota waldiddaa alaa keessaa isa beekamaadha.  Fedhasaa(2013:80) "Waldiddaan namaa fi namaa waldhabdee namfakkii fi namfakkii gidduutti uumamuudha. Waldiddaan haala kanaan uumamu wal inaaffaa fi yaadaan waldhabuurraa madda" jedha. Akka waraabbii armaan olii kanaatti waldiddaan namaa fi namaa  wal dhabdee namfakkiiwwanii irraa kan uumamuudha.

### 2.6.2.3. Waldiddaa Namaafi Hawaasaa

Waldiddaa kana keessatti qooddataan waldiddaa kan geggeessu hawwaasa tokko bakka bu'uu dhaani malee akka qooddataa tokkoo miti. Yeroo kana mormii qooddataa fi hawwaasa gidduutti uumamu jechuudha.

### 2.6.2.4. Waldiddaa Namaafi Uumamaa

Yeroo tokko tokko qooddattoonni asoosamaa jiran keessatti baayyee jajjaboo taa'anii argamu. Kunis aadaa waan godhaniif waldiddaa isaanii olta'ee wajjin wallaansoo uumuudha. Waldiddaan humnoota uumamaas kan uumaas yeroo humnoonni uumamaa kun yaada isaanii galmaan ga'achuuf dhorkaman yookaan fedhii isaanii galmaan ga'uuf daanga'aniidha.

### 2.6.2.5. Waldiddaa Namaafi Uumaa

Namfakkoonni yeroo bu'aa ba'iin jireenyaa isaanitti ulfaatuu fi fedhiin isaanii guutuu didu uumamuu isaaniitti gaabbuurraa kanka'e uumaa isaanii komatu yokaan mormu.

## 2.7.Fayyadama Afaanii Asoosama Keessatti

Fayyadamni afaanii, adeemsa nama dhuunfaafi hawaasaa kan hammatuudha. Kunis, yaadrimee fayyadama afaanii haala hawaasaa kamiyyuu keessatti beekumsa gahaa afaanichaa qabaachuu giddu galeeffachuu qaba. Kanas, walqunnamtii hawaasichaa faana hariiroo qabaachuu isaati.

Stockwell (2002) fayyadama afaanii yoo ibsu," Asxaa hawaasaa isa olaanaa" akka ta'etti ibsa. Kana jechuun afaan eenyummaa hawaasa sanaa kan ibsuudha. Kan ittiin adda bahus afaan dubbatuuni. Namni tokko afaan akkaataa barbaadeen filachuun bakkee adda addaatti dhimma adda addaaf fayyadamuu nidanda'a. Haala yaaxxina xinqooqa hawaasaa ibsuun fayyadama afaanii irratti haala qabatamaa lamatu jira. Isa fayyadamni afaanii, haala hojiirra ooluun jijjiirama hammatamuufi hawaasni hunduu, afaan akkuma dhimmichatti garaagarummaan fayyadamuudha.

### 2.7.1. Fayyadama Jechootaa

Barreeffamni tokko haalaan qindaa'ee hiika akka kennu gochuuf, akkasumas miira dubbisaa akka harkisuuf jechoonni fayyadamnu murteessoodha. Jechootni kunis bifa garaagaraan hima yookaan barreeffama keessatti argamuu danda'u. Isaan kunis, hiika walfakkiin, hiika galumsaan, hiika faallaa, hiika sirriifi dhokataa akkasumas, bifa jechamaan ta'uu danda'u. Barreessitoonni tokko tokko naa ta'a jedhanii jechoota kalaqanii yoo barreessan nimul'atu. Haata'u malee, maaliif barreessaan jechoota akkasiitti gargaarame jedhamee qeequun hindanda'amu.Garuu, jechoonni uumamaan barreessaafi dubbisaa gidduu waliigaltee ogummaa ogbarruu akka hinballeessine ofeeggachuun barbaachisaadha. Kana malees, ergaa dabarsuu barbaade dubbistoota isaa biraan gahuuf jechoota gargaarame adda baasee beekuu qaba.

Bareessaan tokko hojii ogbarruu isaa rakkoo malee akka ofii barbaadu gochuuf baay'ina jechootaa yookaan jechootaan kan badhaadhe ta'uu qaba. Baay'ina jechootaa qabaachuun qofti garuu, yaada ofii sirriifi akkaataa ifa ta'een dabarsuu dhiisuu danda'a. Kana jechuun jechoota hiika sirrii kan jennu jechi tokko uumamaan hiikni isaa kan beekame kan namni hunduu itti waliigale moggaasa ganamaa jechuu yoo ta'u, hiikni dubbii ammoo, jecha hiika sirrii irratti rarra'ee kan muuxannoo uummataa wajjin deemuudha.

Haaluma kanaan, fayyadama jechaafi amala galumsaa hubatee jechoota barbaachisoo bakka barbaachisaatti gargaaramuu danda'a. Karaa biraatiin, jechoonni qofaa dhaabbatanii ergaa ifaa tahe dabarsuu dhiisuu danda'u. Sirrii yookaan sirrii miti jechuun hin danda'amu. Ergaa guutuu

dabarsuu kan danda’an barreeffamicha keessa galaniidha. Sirriifi ta’uu dhiisuu isaanii kan beekaman bakka galanitti ergaa dabarsuufi dhiisuu isaanii ilaaluuni.

Jechonni akkaataa barreeffama keessatti hiriiraniin ergaa isaan qaban adda adda ta’uu danda’a. Jechi tokko bakka hinbaramne yemmuu galu hiika haaraa akka qabaatu beekamaadha. Kanaaf barreessaan jechoota filachuu irratti jechoonni bakka galanitti ergaa sirrii dabarsuu isaanii mirkaneeffachuu qaba.

Ogbarruu barreeffamaa keessatti filannoon jechootaa murteessaadha. Kunis asoosamoota Afaan Oromoo barreeffaman keessatti filannoon jechootaa kan jiruufi jireenya hawaasa tokkoo sirriitti ibsuuf itti gargaaramnuudha. Karaa biraatiin, filannoon jechootaa barreeffamni tokko hawwataafi miira dubbistootaa harkisuu akka danda’u kan godhuudha. Barreessaan barreeffama isaa keessatti kana hinfayyadamu taanaan barruun isaa dhama dhaba. Nama hin harkisu. Barreessaan asoosamaa yaadasaa dabarsachuu isaatiif akka meeshaatti kan gargaaru afaani. Bu’uurri afaanii ammoo, jechoota waan ta’aniif afaaniin yaada ofii ibsachuuf ammoo qindoomina jechootaafi walhidhiinsi jechootaa barbaachisaadha. Waan ta’eef, hima tokko dhugummaa qabaachuufi dhiisuuf jechoonni iddoo isaanii yookaan hiriira isaanii qabachuun hima sanaaf murteessoodha. Kanaafidha filannoon jechootaa barreeffama keesssatti barbaachisaa ta’ee kan argameef.

Hojii ogbarruu keesssatti filannoon jechootaa sirriitti kan ittifayyadamuu qabuudha. Sababnisaas, wanti barreeffamaan dhihaatu tokko akka isa dubbiin dhihaatu sosochii qaamaatiifi mallattoon deeggaramee dhimma dhihaatu sanaaf carraa hinqabaatu waan ta’eef, yeroo barreeffamaa ergaa darbuuf guutummaan guututti ittigaafatamummaan isaa kan jechootaati jechuudha. Jechoonni barreeffama tokko jaallatamoo yookaan jibbamoo godhuu danda’u, barreessaan jechoota fajajoofi yaada sirriitti hin ibsineetti yoo fayyadame, yaadni dabarsuu barbaade harca’ee hafuu danda’a. Kanaaf, jechoota sirrii filachuurratti barreessaan kan xiyyeeffachuu qabuudha.

Filannoo jechootaa kunis jechoota hiika kallattii qabaniifi jechoota hiika dhokataa qaban jedhamuun bakka lamatti ilaaluun nidanda’ama. Asoosamni qorannaa kanaaf filamees jechoota hiika kallattiifi dhokataa waan qabuufiyaada ergaan isaa dafee hubatamuufi xiinxala gadifageenyaan ergaan isaanii kan hubataman qabu jechuudha. Fayyadamni jechootaa asoosama keessatti karaa ifa ta’een ergaa barbaade akkuma dabarsu,hiika wabeessaa niqabaata. Lyons

(1995) akka ibsutti, “ Hiika wabeessaa jechuun hariiroo jechi takko wantoota yookaan taatee hawaasaan qabu calaqqisa”.

Kanarraa wanti hubatamu, fayyadama afaanii keessatti jechoota aadaa hawaasa keessa jiru fayyadamuun ergaa barbaade dhugaa yookaan taatee jiruun walbira qabee ibsa jechuudha.

Jechoota moggoo jechuun akka aadaa Oromootti kanneen maqaa walfakkaatu agarsiisa. kun ammoo, moggummaa unkaati malee, kan hiikaa miti. “Moggoon kunis walitti dhihaata malee guutummaatti tokko ta’uu hin danda’u. Guutummaatti hiika tokko qabaannaan isaan jechoota garaagaraa ta’uu hin danda’an.” Addunyaa (2014). Akka yaada kanaatti jechootni walfakkaatan hiikni isaanii walitti siqan haaqabaatan malee hiika waan tokkoof kenname isa kanbiraaf kan kennamu miti. Kanaaf, hiikni guutummaa guututti tokko yookaan moggaasa waan tokkoof tokko ta’e hinjiru jechuudha.

Haaluma kanaan, hiika jechootaa irratti barreessitoonni asoosamaa xiyyeeffannoon ilaaluu baannaan yaada dubbistootaa burjaajessuu danda’a. kanaafuu, xiyyeeffannoon barreessaa hiika jechootaarratti qabu murteessaadha. Jechoota kanas jechoota filatamoo barreeffamichi gargaarame ta’uu danda’a.

Jechootni faallaa yaada faallaa kan qabaniidha. Yaadonni faallaa karaa adda addaan ibsamuu danda’u. Addunyaa (2014:112) “Jechoonni faallaa kanneenjennu walitti dhufeenya jechoota walmorkatan lama gidduu jiruudha”Jechoota kanas, karaa adda addaan arguu danda’ama. Isaanis, jechoota faallaa keessatti jechoota siyaasa agarsiisan arguu dandeenya.Yeroo baay’ee barreessaan barreeffama ogbarruu keessatti haala garaagaraan tajaajilama. Kunis, asoosama keessatti bifa dhokataa ta’een yeroo itti dhimma bahaamuutu mul’ata.

Barreessaan barreeffama isaa keessatti jechoota adda addaa waan adda addaaf itti gargaaramuu danda’a. Jechoonni kun kallattiin yookaan alkallattiin waan jedhamuu yookaan waan dabarsamuu barbaadame kan mul’isaniidha. Jechoonni siyaasaa yemmuu barra’an sirriitti ilaalamuu qabu. Sababnisaas, yaadni barreesssaan dabarsuu barbaaduufi akkaataa dubbisaan hubatu wal unachuu waan qabuufi. Akka fakkeenyaatti, asoosamicha keessaa kan fudhatame akka armaan gadiitti ibsameera.

Jechoonni galumsaa ammoo, jechoota haala adda addaan barreeffama keessatti hiika kennuu danda'u. Kunis akkaataa barreessaan ergaa dabarfachuu danda'uun gargaaramuun isaa barreeffama isaa keessatti arguun danda'ama. Haata'u malee, isaan kana dubbisaan dafee hubachuu dhiisuu danda'a. Sababni isaa, akkaataa bareessaan itti yaadee barreesseefi dubbisaan hubatu tokko hinta'u. Karaabiraatiin jechoonni bakka garaagaraa himas ta'e barreefama keessatti galanii jiraniin hiika galumsaan qabaniin kennu. Akkasumas, akkaataa fayyadamaatiin adda adda ta'uu danda'u. Kunis akkaataa hima tokko keessatti hiika kennuufi akkaataan hima biroo keessa galee hiika kennu garaagara ta'uu danda'a. kunis akkaataa galumsaan ergaa barabaadaame dabarsuudha.

Jechoota safuu kanneen jennu jechoota afaan kamiyyuu keessatti baratamee haala adda addaa irraaan kan ka'e hawaasni jechoota akkuma fedheen maqaa kan hin dhoofne nijira. Jechootni kunneen baratameerraan ka'uun maqaa dhahuun namatti waan hintolleef akka saalfiitti ilaalamu. Jechoota safuu ta'an kan hawaasa Oromoo biratti laguu ta'aniidha.

Kunis dhoksaan malee ifatti baasuun hindubbataman. Geetaachoo (2011:34 ) akka ibsutti "Afaan kamiyyuu keessatti baratamee haala adda addaa irraan kan ka'e hawaasni jechoota akkuma fedheen maqaa kan hindhoofne nijira. Jechoonni kan barameerraa ka'uudhaan maqaa dhahuun namatti waan hintolleef akka saalfiitti ilaalama." Akka yaada kanaatti jechoonni bakka bu'uu dadhaban osoo hin taane namatti waan hin tolleef akkasumas, jechoonni saalfii sammuu nama dubbatu qofaa keessatti miira gaarii hin qaban.Waan ta'eef, itti fayyadamuun hinbarbaachisu. Kana jechuun, jechoonni bakka bu'uu dadhabana osoo hintaane namatti waan hintolleefi. Darbees, hawaasa itti gargaaramu keessatti akka laguutti waan itti amanamuuf.

Jechamni yaada dhokataa of keessaa qabuun sammuu namaa kan qaruudha. Kanaafuu, jecha, gaaleefi hima qofaa dhaabbatee yaada bal'aaf sammuu namaaa affeeruu jechuun ni danda'ama. Akkasumas, jechamni dubbii hawaasni cina galaan dubbatuudha. Akka rakkoon irra hin geenyeef yaada dhokataan jechootatti fayyadamee waan jechuu barbaade hima. Namni dhaggeeffatu ammoo, haalaan walqabsiisee xiinxaluun hiika isaa dhokataa argata. Kanaafuu, hiikni jechamaa hawaasa keessatti beekama.

Jechama Oromoos yoo fudhanne hawaasichatu ittifayyadamuun dubbii kooba. Kanarraan kan ka'ees, hawaasichaan alatti hiika hin qabaatu. Waa'ee jechamaa ibsuufi ijahawaasichaan

xiinxaluun barbaachisaadha. Dhimma maaliifi haala akkamii keessatti akka fayyadamu hubachuun sadarkaa jechamni itti argamu hubachuuf nu fayyada. Qabanni isaa ilaalcha hawaasaan walqabata. Kanaafuu, jechama saba biroo bu'uureeffannee kan Oromoo qorachuun hin danda'amu. Rakkoon jechama Oromoo ibsuu keessatti mul'atu kana irraa madda. Jechamni jechoota lamaafi isaa olitti gargaaramee yaada irra keessatti mul'atu osoo hintaane isa dhokataa ta'e kan ibsuudha. Harcourt (1994:216) keessatti yoo ibsu "An idiom expresion whose meaninng is particular to the language or differs from the individual meaning of its element'' jedha.

Kunis, hiikni jechamaa dubbataa afaanichaaf malee, hiika namni dhuunfaan itti kennu miti. Kana jechuun hiikni jechamni sun kennu dubbataa afaanichaan malee kan namni kamuu hiiku miti.

Haaluma kanaan asoosama keessatti jechamatti gargaaramuun ergaa barbaachisaa ta'e dhoksaa kanarraa hubachuun nidanda'ama. Kanaaf barreessaan barreeffama isaa keessatti jechama yemmuu gargaaramu ofeeggannoo cimaa isa barbaachisaan. Kana ta'uu baannaan walhubannaa irratti rakkoon uumamuu danda'a.

### 2.7.2.Malleen Dubbii

Namoonni kan ilaalan, kan dhagahan, kan qaqqaban, kan dhandhaman,sammuu isaanii keessatti wanti fakkii uume nama biraatti himuuf miira isaanii nama biraatti kan itti hiran, qaama dubbiiti. Malli dubbii haala amala tokko, miira nama biraatiif ykn bineensa biraaf kennuun yookaan walfakkeessuun waldorgomsiisuun dhiheessa

Kanuma ilaalchisee, Shaw ( 1972 :160 ) akka kaa'etti "Jechoonni hiika kallattiin ala qabaniin wantoota biraa yoo ibsan kan uumamuudha." Jechuun kaa'eera. Yaadni kun kan agarsiisu, jechoonniifi gaaleewwan hiika kallattiin qaban alatti wanta biraa bakka bu'uu, walitti dhufeenya isaan gidduu jiru ibsuufi amala tokko wanta biraan buusuuyaadni keenya akka ifa ta'u godhu.Kunis, ergaan himichaa sammuu dubbisaa yookaan dhaggeeffataa keessatti fakkkattii uumuun salphaatti akka hubatamu nu gargaara. Karaabiraatiin, malli dubbii ergaa darbu tokkoof ciminaafi si'aayinummaa yemmuu kennu argina. Akkasumas, galumsa hiika jechaa yookaan gaalee kan barame irraa maqsuun yookaan adda gochuun yaada darbu sanaaf xiyyeeffannaa kennuudha. Ergaan sun ergaa laafaafi xiyyeeffannoo salphaa kan kennu osoo hin taane kan

dhimmaa sana gadi fageenyaan xiyyeeffannee ilaallu ta'uu isaati. Ergaan darbe sun yoo tures haroomee sammuu keenyatti akka yaadatamu gochuu danda'uu isaati.

Addunyaan (2013:208) yoo ibsu, "Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsuudha. Yaada kanarraakan hubannu malleen dubbii asoosamichaa keessatti qaama barbaachisaa ta'ee haala salphaa ta'een ergaa kan dabarsuudha''jedha. Akka yaada barreeffama kanaatti, mala dubbii fayyadamnu wanta tokko karaa namaaf hubatamuu danda'utti salphisee dhiheessuu danda'uudha. Kan jechuun haala namaaf galuun karaa walxaxaa hin taneen kan dabarsuudha.

Malleen dubbii fayyadama afaanii keessaa tokko ta'ee ergaa barbaachisaa ta'e haala dubbisaan gadifageessee hubatutti kan dhiheessuudha. Kanas dhalli namaa jireenya isaa keessatti wantoota mudatan ittiin ibsachuuf ittifayyadama. Haaluma kanaan, barreeffama asoosamaa keessatti bifa garaagaraan kaa'a. Akkasumas, barreessaan jechoonni hiika dhokataa akka qabaatan gochuun ogbarruu kalaqa. Jechoota kana duubas hiika dhokataa uumuun hubannoo dubbistootaa hawwata. Xiyyeeffannoon hiika jechoonni kallattii qaban irraa maqee yeroo fayyadu dubbii qolaan ibsama. Jechoonni haala kanaan fayyadanis malleen dubbii jedhamu.

Hojiiwwan uumee fi kanneen biroo keessatti akkasumas barreeffamaafi afqunnamtii keessati malli dubbii faayidaa adda addaa qabu. Barreeffamaafi afqunnamtii keessatti faayidaan malli dubbii qabu hiika ifoomsuu, fakkeenya sirrii ta'e kennuu, yaada cimsuu, kan lubbuu hin qabneetti lubbuu horuu yaadni darbu sun akka dinqisiifatamuufi miidhagu gargaara. Akkasumas wanti tokko xiyyeeffannoo akka argatu godha.

Gama biraatiin, malleen dubbiittikan fayyadamu dubbattootaafi barreessitootadha. Kunis kan dubbatu dubbisaa keessatti, kan barreessu ammoo, barruusaa keessatti fayyadama. Kana jechuun, dubbiin nama sanaa akka miidhaguufi dhama qabaatu gochuuf nigargaarama. Afaan barreeffamaa keessattis barreessaan barruu isaa keessatti mala dubbii kana kan fayyadamuuf barreeffamni isaa dubbisaa biratti fudhatama akka argatuufi miira dubbistootaa harkisuun sammuu keessatti suuraa akka ka'uu danda'utti itti kuulee kan dhiheessuudha.

Kaayyoon mala dubbii wanta tokko yemmuu mirkanaa'u dhugaa hin taane kan ibsu osoo hintaane kan afaan barreeffamaa irra caalaa ibsuu hindandeenye kan ibsuudha. Yaadni kun ergaa malli dubbii dabarsu kan ilaaluudha. Kunis kan mirkanaa'uufi dhugummaan isaa bira ga'amu

yaadni yookaan ergaan darbbu kan barreeffamaan kaa'ame sana darbuun kallattii biraatiin hubachuun akka danda'amuudha. Kanaaf ergaa barreeffamni ibsuu hindandeenye yemmuu jennu miira barreeffamaa kanneen akka gadda, gammachuu, aadaafi seenaa kanneen kana fakkaatan ibsuuf akka fayyaduufi.

#### 2.7.2.1. Faayidaa Malleen Dubbii

Barreessiitoonni, ergaa isaanii haala ifaafi gabbataa ta'eefi miidhagina qabuun dabarfachuuf, dubbii haalawaa fayyadamu. Dubbiin haalawaa faayidaa guddaa qaba. Innis, haqa ijaan hinmul'anneefi harkaan hinqabne gadifageenyaan dhiyeessuufi fakkaattii sammuu nama keessattii uumuuf gargaara.

#### 2.7.2.2. Gosoota Malleen Dubbii

Fayyadama afaanii irratti hundaa'uun barreessaan ogbarruu malleen dubbii akaakuuwwan hedduutti qooduun kaa'u. Akaakuuwwan isaan kunneen, warra kaan caalaa hojiiwwan ogbarruu keessatti faayidaa hedduu kan qabaniidha. Kunis ergaa dabarsuurratti waan ta'eef ergaa hubachuuf ammoo, gadi fageenyaafi kallattii garaagaraan ilaaluun barbaachisaadha. Qoodamiinsa malleen dubbii ilaalchisee kitaabonni karaa adda addaan lafa kaa'u. Isaan keessaa Harcourt (1994:216) akkas jedha, "The shief figures of speech are: simile, metapher, hyperbole, personification,paradox, allusion," Gosti malleen dubbii kunis, akkasaa, iddeessa, nameessa, arbeessuu,eemiti, ukukkubbee, habalaka jedhamanii hiikamanii jiru. Malleen dubbii kunis, ogbarruu barreeffamaas fayyadama afaanii asoosama keessatti barreessaan gargaarame haala akkamiin hawaasni itti gargaaramaa akka jiran xiinxaluun nidanda'ama. Walumaa galatti, malleen dubbii maqaa adda addaa haaqabaatu iyyuu malee, yaada kalaqaa yookaan haala nama hawwatuun fakkii wantootaa, xiyyeeffannoo barbaadanii walbira qabanii ibsuun karaa salphaa ta'een suuraa kaasu. Kun ammoo, namni tokko wanta isa bira hinjirre haala salphaa ta'een akka hubatuuf isaan gargaara.

Ogbarruun barreeffamaa kunis malleen dubbiitti fayyadamee ergaa, gorsa, jajjabina, hacuuccaa, roorroo, diddaafi kan kana fakkaatan gadifageenyaan ibsa. Kanamalees, malleen dubbii barreeffamni tokko miidhagina akka argatu waan taasisuuf baay'ee murteessaadha.

Gosoota mala dubbii waraqaan qorannoo kun irratti xiyyeeffate ja'a. Isaanis: akkasaa, iddeessa, nameessa, arbeessuu, eemitiifi habalaka fa'i.

#### 2.7.2.2.1. Akkasaa (Simile)

Tooftaa barreessaan fayyadamu keessa tokkoo dubbii haalawaa akkasaati. Akka Kasay (1991) ibsutti wantoota akka lubbuu qabeeyyyiifi lubbuu dhabeeyyii ta'an amala isaan walfakkaataniin waldorgomsiisuun yaada ifatti hinmula'anne akkasaa fayyadamuu addeessa. Yaadni kun wantoota gosoota gara garaafi wal hinfakkaanne lama fudhachuun walbira qabuun dubbistoonni yookin dhageeffattoonni ifaan akka hubatan taasisa.

Akkasaan malleen dubbii keessaa tokko ta’ee waan tokko waan biroo waliin wal maddii qabanii ibsuuf gargaara. Innis wanti sun akka ifaan hubatamu fi fakkii sammuu dubbisaa keessatti akka uumu taasisa. Jechoota akkaa fi fakkaata jedhanitti fayyadamuudhaan waan tokko waan birootiin wal bira qabsiisanii himuudha. Kunis wanti hin beekkamin tokko akka beekkamu taasisa.

Fkf

1. Biqilaan akka fardaatti fiiga.

2. Dabbasaan Caatuu akka eegee fardaatti dheeraate. Kanneen jedhaman kun fakeenya akkasaati.

#### 2.7.2.2.2. Bakkabuusa (Methophor)

Bakka buusni gosoota dubbii qoolaa keessaa tokko ta'ee, wantoota waliin madaalaman lama akkuma waan tokko ta'anitti ibsama. Melakneh (1999) yaada kana yoo ibsuu, bakka buu'sni tooftaa barreessaan jechootatti fayyadamuun wantoota amala garagaraa lama tokko taasisuuf gargaaru jechuun addessaa. Yaada kana irraa kan hubannuu, jechootaafi gaaleetti fayyadamuudhaan wantoota lama wal bira qabuun madaaluun akka danda'amuu ibsa.

Bakka buusni amala, raawwii, unkaa waan tokkoo kan birootiif kennuun malleen dubbii uumamuudha. Metaphor is an analogy that imaginatively identifies one object with other and either ascribes to the first qualities of the second or invets the first with connotations inherent the other. Haalli kunis yaada ibsamuu sanaa olkaasee ifa taasisa. Fakkiis sammuu namaa keessatti ni uuma.

Fkf

1. ‘’… Asheeta bilchaatte! Asheeta nama gomjaasitu.’’ (Dhaaba 1992:13)

2. ‘’Dubartoonnii yeroo mooraa yunivarsiitii kanaa seenaan qeerransa ta'uuti.’’ Dhaaba, (1992)

3. Ijjii ishee bakkalcha./Boontuun habaaboodha/.

4. Caalan waraabessa.

**2.7.2.2.3. Nameessuu (Personification)**

Nameessuun akaakuu dubbii haalawaa keessaa tokko ta'ee, wantoonni adda addaa amala ilma nama qabaachuun, wantoota garaa garaa yeroo rawwatan mul'atu. Yaada kana Kassay (1991), wantoonni nama hinta'in lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyiin amala ilma namaa gonfachuun gocha gara garaa raawwatuu jechuun ibisa.

Amala ykn dandeetti ilma namaa qaban wantoota nama hinta'in, kanneen lubbuu qabeeyyiifi lubbu dhabeeyyii goonfachiisuun dubbatama. Malleen dubbii akkanaa kana keessatti kan nama hintaane yeroo waan namni hojjeetu kan akka dubbachuu , nyaachuu, dhuguu, dheebachuu, kolfu, gaddu fi kkf yeroo hojjetan argamu.

Fkf-1

1. Lafti dhaabatte/ dubbatte.

2. ‘’kunuu, warri rafnaan’’ jette sareen.

3. Dukkanni ija  namatti baasa.

**2.7.2.2.4. Ukukkubee (Hyperbol)**

Ukukkubeen dubbiin haalawaa barreessiitoonni yaada tokko sadarkaa dhugaa jirurraa olkaasanii yookiin gadibuusanii ibsuuf itti gargaaramani. Sababa kanarraa kan ka'e, barreessaan wanta tokko sadarkaa isaa olkaasuufi gadi buusuuf tooftaa kanattii akka fayyadamu agarsiisa.

Dhimma tokko akka malee dhaadhessuun ykn olkaasun (exaggerate) ibsuu yoo dhiyaatu jechuudha.Dhimmaa tokko hanga amanuuf nama rakkisuutti ykn humna isaati ol taasisuun yeroo ibsamu hojii ogbarruu keessatti ni mula'ata.

Fkf

1. ‘’Yaadni keenyas miirri keenyas addunyaa jannataa sanaa keessa deebi'ee nama naannootti makame.’’ Dhaabaa (1992:36).

2. ‘’… ifaafi sinboon fuula ishee aduu ganama baatu tuffachiisa... ..’’ Dhaaba, (1992:36)

3. Jaalallii yoo jiraate foon lukkuun tokkoo cidha galcha.

**2.7.2.2.5. Eemitii/Fuggisoo/Mitiyyee (Paradox)**

Malleen dubbii kun yaada faallaa walii qaban ciroon / gaalee ykn himaan ibsuun agarsiisudha. Dhimmii haala kanaan ibsamuu dhugaa ta'uu baatus yaada dhugaa bifaa xinxaaluun irra ga'uu danda'amuun dhiyaata.

Fakkeenyaaf:

1. Osoo arguu hinargu,

2. Reeffa lubbuu qabu

3. Du'aa jiraa caaluu,

4. Iyyaa callisaa,

5. Osoo deemtuu hindeemtu

6. Osoo nyaatuu beela'a.

**2.7.2.2.6. Habalaka**

Ergaa tokko karaa alkallatitiin yaada faalla sanaa taasisuun dubbachuu/barreessun dabarffachuudha. Jechabirootiin, yaadaa karaa falla ta'een dabarsuu jechuudha.. Fakkeenyaaf

- Furdaan qallaa jechuun ibsuu
- Gabaabaa dheeraa.
- Diimaan guuracha jechuun yaada alkallatiin dhiyeessunis toofta barreessa agrsiisuu danda'a jechuudhaa.

**2.7.3. Mammaaksa**

Mammaaksi afaaniin kan dubbatamu ta'ee ilaalchaafi muuxannoo hawaasa tokkoo kan mul'isuudha. Akkasumas, mammaaksi jireenya uummataa wajjin kan walqabatuudha. Dhimmoonni uummata ilaallatan hunda ofkeessaa qaba. Dhimoonni kunis, wantoota naannoo sanatti argaman waliin walqabsiisuuf kan mammaakamuudha. “Mammaaksi dhimmoota waliigalaa kanneen akka haala qilleensaa, nageenya uummataa, aadaa, amantii,seeraafi seenaa jireenya maatiifi kaayyoo adda addaaf mammaakama.”

Gama biraan, mammaaksi dubbii gabaabsuuf kan itti gargaaramnu ta'ee muuxannoofi muudannoo, aadaafi duudhaa, siyaasa ibsuuf gargaaramna.Haaluma kanaan, namoonni dubbii isaanii gabaabsuun akkasuma. Barreeffamoota ogbarruu keessatti barreessaan mammaaksa nigargaarama. Barreessitoonni barruu isaanii keessatti mammaaksa dabaluun barreeffamichi miidhagina akka qabaatuufi miira namaa akka kakaasu godhu. Kunis, yaada bal'ina qabu tokkko walitti qabee dimshaashessuun bifa dabarfatuudha.

## Boqonnaa Sadii: Qaaccessa Ragaalee

### 3. 1. Qaaccessa Waldiddaa Asoosama Booree Ganamaa

Asoosama Booree Ganamaa keessatti waldiddaawwan gosoota adda addaatu argama.

Waldiddaan caacculee asoosamaa keessaa tokko ta'ee gosoota adda addaatti qoqqoodamuu kan danda'uudha. Isaan keessaas barreessaan asoosama kanaa wal diddaawwan adda addaatti dhimma bahee ergaa isaa dabarfateera. Barreessaan kun asoosama kana waldiddaawwan jiran kanatti haala gaariin gargaaramee ergaa dabarfachuu barbaade haala gaariin dabarfachuu isaa qorattuun qorannichaa bira geesseetti.

#### 3.1.1. Waldiddaa Qooddataafi Mataa Isaa

Gosti waldiddaa kanaa kan uumamu namfakkiin tokko haalli isaaf hin mijane isa qunnamuun kanarrattis namni yaada isaa irraa qooddatu utuu bira hin jiraatin kophaa yookaan dhuunfaa isaatti ofiin haasa'uun gosa waldiddaa uumamuudha. Namfakkiin kunis kophaa isaa sammuu isaa wajjiin mariis ta'ee komii gaggeessa; Qaama biraa kamuu hin dabalatu.

Fkn 1: "…'yaa'anaa! Kumarraan akkas ta'ee taa'ee! Silaa yoona eessan ga'a ture! Harkaa dhabuun karaa nadhaabe. Hiriyootakoo biraa nahambise, maalan godha wanti hunduu ganama nama hafa…' jettee,…"(fuula 8).

Fakeenya armaan oliirratti kan arginu yeroo Biiftuun abbaanshee obbo Kumarraan du'ee gadda abbaa isheetiitti gadditee ofiishee waliin haasoftudha. Baay'ee utuu abdattuu, ofbiraa dhabuu isheetti gadditi. Sababnisaa milkaa'ina jireenya ishee keessatti bakka guddaa laatteefi, sadarkaa hiriyoonnishee irra ga'an waan hingeenyeef, aartee ofitti haasofti.

Fkn 2:

> *…gaaffii sammuushee dhiphisu gaafatamaa turte sana yaaduu jalqabde.'Lakkii Biiftuu buqqee duudaa natti hinta'in! Atoo ooltee bultee gogaa qeerransaa taata. Maaliif na hinhubattu? Maaf deebii ani hinbarbaanne naafdeebista? Si hingaddisiisuu? Biiftuukoo sin jaa…lla…dha. Laphee jaalalakee naafbani. Garaa natti hinjabaatin. Akka ati nabiratti boqottuuf bakka guddaa siifkenneera…' jechi Firoomsaa sammuushee keessaa itti iyya!(fuula 14).*

Fkn 3:

> *…Firoomsaan osoo waa'ee Biiftuu yaaduu oolee bula. Halkan abjuun dhiphachaa bula, ganama yeroo ka'u akka nama hirriba hinquufneetti joonja'aa oola. Jaalalli Biiftuu eelaa guddaa itti ta'eera. Erga jaalala Biiftuutiin qabamee hiriyootasaallee dagateera. Ishee dhiisuuf nijaallata; Abdii kutachuu hindandeenye…maaliif akka qaana'uuf sodaatu hinbeeku. 'maalifan sodaadha? Nanjaalladhe malee hinhanne. Kun cubbuu miti. Jaallachuun cubbuudha yoota'e, waaqayyoo maaliif waljaalladhaa jedharee? Sababan jaalala dhugaa ishee jaalladheef qaana'uun qabaa? Moo …qorichaan natuqxe! Ani hinbeeku. Hangasheen deebii sirrii naaflaattutti obsaan eeguun qaba.' Jedhee sammuusaa waliin haasa'a Firoomsaan. (Fuula 14-15).*

Fakkeenya lammaffaa irratti namfakkiin Firoomsaan yeroo Biiftuu gaaffii jaalalaaf itti deebi'ee kadhachaa ture sana namfakkiin Biiftuu jedhamtu immoo, gaaffii jaalalaa sanaaf yeroo isheen qoofashee sammuu isheetiin wal diddaa taasisteetu argama. Kunimmoo wal diddaa Biiftuun ofiishee waliin taasistu waanta'eef, wal diddaa qooddataafi mataa isaa waliin taasisudha. Akkasumas fakkeenya sadaffaa irrattis haaluma walfakkaatuun namfakkiin Firoomsaan gaaffii jaalalaa isaatiif jedhee yeroo inni ofiisaa waliin haasa'utu jira. Milkaa'ina dhabuu gaaffii jaalala Biiftuuf dhiyeesse sanaaf. Kunis waliddaa mataa isaa waliin taasisedha.

### 3.1.2. Waldiddaa Qooddataafi Hawaasaa

Waldiddaan akkanaa kun kan uumamuu danda'u yammuu namfakkiileen sababa adda addaatiin fakkeenyaaf ilaalcha, duudhaa, safuu, jal'innaa yookaan daba waan waliigaltee hawaasaarraa faallaa ta'e hojjachuun kan uumamuudha. Waldiddaa gosa kanaa kitaaba asoosamichaa keessaa fudhannee yoo ilaallu:

Namfakkiin Tolasaa jedhamu jalqabaa kaasee firaafi maatii isaa dhiisee ormatti michoomee hojii gantummaa hojjachuun beekama. Obboleessa isaa Jiruu hamma dhabamsiisuutti, ilma isaa dabarsee harka diinaatti kenne. Kanaanis Tolasaan ummata hedduu biratti jibbamaa dhufe. Yaada kanas kitaabicha keessaa yoo fudhanne:

> *…. Tolasaan gama lamaan keessayyuu qooda dhabde. Akka Dhabsuufaa mana hidhaa seenuun tafkiin wal'aansoo hin qabne. Osoo akkas ta'ee, nama waliin haasa'uu argatee ture. Waanuma itti himan raawwachuu malee, akka warra kaanii waan himatu*

*dhabuyyuu, jaruma bira isaaf wayya ture. Hojiin biraa nidhibe. Ummata keessatti hundumtuu irraa gore." Namaas ba'ee, lafaas ba'ee dinnicha dheedhii ta'e," akkuma jedhamu, namattis, lafattis citee dabaree isaa galtaa'e(Fuula 42).*

Akkuma yaada olii kana irraa hubatamutti: Amalli lammii ofiitti dugda galanii ormatti michoomuu booddeen isaa jibba ta'uutu mul'ata. Sababa gocha isaa kanaafis Tolasaan hawaasa hunda biraatti jibbame akka ibsee jira. Kana jechuun immoo bakka qabatan hin qabu jechuudha. Kanaanis waldiddaan hawaasaafi Tolasaa gidduutti ifaafi ifatti mul'ate. Kun immoo waldiddaa namaafi hawaasa jiru gidduu mul'isa. Waldiddaa namaafi Hawaasaa kan biraas haa ilaallu:

"...Yaaddoon isaa waan tokko qofa. Harmeen isaa akka inni tamboo aarsu hin beektu. Akka inni aarsu yoo dhagaa'an namoonni naannoo sanaa hin jaallatan. Keessumaa harmeen isaa ni maraatti. Hanga Najjoodhaa deebi'ee dhufutti tamboo aarsuun isarra hin jiru. Akka hin dhiisne immoo araada qaba,"(Fuula 28).

Waraabbii kanarraa kan hubannu Lammiin araada tamboo qabaachuu isaafi ilaalchi hawaasni Najjoofi maatiin isaa araada kanaaf qaban jibbisiisaa ta'uu, akkasumas aadaa isaanii keessatti akka waanta gadheetti waan ilaalamuuf gochi kun wal dhabdee isaan gidduutti uumuu isaati.

### 3.1.3. Waldiddaa qooddataafi uumamaa

Waldiddaan kun kan uumamu yeroo qooddataan yookaan namfakkiin tokko wantoota uumama ta'an kanneen akka dachee, samii, qilleensa, bishaaniifi lubbu qabeeyyii garagaraa waliin walitti bu'iinsa taasisan kan uumamuudha. Gosa waldiddaa kanaas kitaaba kana keessaa yoo ilaalle:

Guyyaan isaa guyyaa dabooti. Haata'uufi namoonni hedduu daboo bahan. Daboon kunis qotiyyoon qonnaa qotuudha. Daboon guyyaa kanaas sangoota camadatanii deebi'anii gaaddisa tataa'anii haasa'uu itti fufan. Sangootattis waanjoon ulfaate. Sangoonni waanjoon itti ulfaates fincila namoota waanjoo itti baachisan mormuuf waanjoo ofirraa caccabsuun mormii eegalan. Yaada kanas fuula kitaabichaa keessaa fudhannee yoo ilaalle:

*Sangoonni dheedaa jiran ergan takkaa margarraa oljedhan. Akka waan ajaja dhibbaalaa yookaan kumaalaa dhaga'anii, tarkaanfiin itti aansanii fudhatan, waanjoo ofirraa caccabsuudha. Olii gadi asii achi utaalanii waanjoo micciiruun unkuteessuu eegalan. Gariin funyoo ittin hudhaman ofirratti, walirrattis nyaatanii kukkutan. Gariin*

*isaanii immoo loloosoo ittiin hudhaman gateettii isaaniitiin miciiranii caccabsan. Sana booda, isa duraan namoonni yeroo fedhanitti hiikan, amma ofiin ofhiikan. Tarkaanfiin jalqabaa moo'ichaan xumurame( Fuula 72) .*

Yaada olii kana irraas kan hubannu namoonni duraan sangoota waanjoo baachisanii yeroo barbaadan irraa buusu. Garuu guyyaa kana sangoonni mormii agarsiisuuf waanjoo namoonni baachisan ofirraa caccabsuun jibba namootaa mul'isan. Kanas ba'aa namoonni baachisan ofirraa gatuun eegalan. Akkuma yaadicha olii kana keessatti mul'atutti sangoonni mormicha moo'achuudha. Waldiddaan kunis waldiddaa namootaafi uumamaa jedhama.

### 3.1.4. Waldiddaa Qooddataafi Uumaa

Gosti waldiddaa kanaa namfakkiiwwan sababoota garagaraafi yoomessa garagaraa keessatti uumaa isaanii waliin wal mormuun kan uumamuudha. Kunis uumaadhaan; Maaf akkas hin gootu? Kana maaf hin goone? Sana maaf goote? Jedhanii uumaa isaanii yeroo komatan kan uumamuudha. Waldiddaan kunis akkuma maqaa isaa uumaa waliin wal mormuudhaan kan uumamuudha. Waldiddaa haala kanaan uumamus kitaabicha keessaa yoo fudhannu:

Dagaagaan maaliif jireenya keessatti namoonni dhibaa'oon uumamu? Waaqni maaliif jara uuma? Nama gaarii maaliif hin uumne? Jedhee waaqa komata. Namfakkiin kunis namoota gaarii, kan garaan isaanii waan gaarii yaadu, hojii irratti qaxalee ta'an gaafa of biraa dhabu waaqa isaa komata. Kanas kitaabicha keessaa yoo fudhannu:

*...Dagaagaanis takka meeshaa guyyaa xiiqii isa jiruun itti hiixachaa jiru mil'ata: takka ammoo Lalisee, giiftii salphina isaan oolchite ilaalaa, "Atimoo! Atimoo! Waaqayyo kan akka keetii gadaamessa dubartoota muraasa keessallee osoo kaa'eera ta'ee, silaa addunyaan kun guyyaa muddamte jaraan furamti turte. Silaa har'a leyyoon addunyaa kana irra hin ga'u ture. 'maaliif kan akkasii fa'a uumeenuun to'ata?' Jechuun osoo deebii hin eeggatin tuufoofi keelloo ciruu, Jiruun immoo qotuu itti fufan(fuula 30).*

Akka yaada olii kana irraa hubannutti Laliseen dubartii cimtuu giiftii jedhamtee yeroo waamamtuufi faarfamtu faallaa kanaan ammoo kangaarii hinyaanne maaf uumame? Waaqni maaliif isa uume jechuun Dagaagaan waaqaa wajjiin mormii gochuu isaatu mul'ata. Dagaagaan waaqaan namoota akka Lalisee maaf hin uumtu, hinbaay'istu jedhee gaafata. Kanaanis gaariifi

badaa walbira qabee Dachaasaan waaqa komata. Komii kanaanis isaafi waaqa gidduutti waldiddaan uumameera.

### 3.1.5. Waldiddaa Qooddataafi Qooddataa

Waldiddan qooddataafi qooddataa gidduuti uumamu sababoota namoonni amantaan, fedhii, kaayyoo, ilaalchaafi kan kana fakkaatan garagaraa waan qabaniif waldiddaan kun uumama.

Waldiddaan Biiftuufi Dhaabaa gidduutti sababni waldiddaan uumameef Biiftuun barattuu kaayyoo qabdu isa har'aa utuu hin taane mul'ata gara fuulduraaf shamara tattaafattuudha. Dhiirri kamuu waa'ee jaalalaa akka itti hin kaafnee akeekachiifte turteetti. Garuu dhiironni baay'een yoo irraa deebi'anii dhiisuu dide kan inni dubbate keessaa "jalqaba irratti gatii mi'eeffachuun amala dubartiiti," jedhee akeekachiisa ishee dide akeekachiisa ishee diduun lalisee aarse. Kanuma irraa ka'uun waldiddaan uumames yoo ilaalle:

> *.... Girmaan gammachuudhaan taa'aa of qonxooxuu eegale. Guyyaan beellama isaas ni ga'e. Qaama dhiqatee, shittoos ofitti biifuun dursee bakka beellamaa ga'e. Isuma takkaa taa'e Laliseen dhufte. Akkuma bira geesseen nagaa walgaafatanii taa'an. Itti siqee hooksinasn waanuma jaalala isaatiin booji'amte of fakkeessitee harka isarratti lawwaasoofte. 'Olka'i mee!' jetteen. Gammachuudhan olka'ee fuula ishii dura dhaabbate. Bakka teessuu kaatee jilba isaa jala jilbiinfatte Laliseen. Miironni isaa mirqaananii callisee ilaale Girmaan. Hiixattee harka ishii lamaaniin bakka lubbuu isaa qaqqabnaan ija jaalalaatiin Laliseen gad ilaaltee hayyamuufii isaa mirkaneesseef. Haa ta'u malee, gammachuun isaa sekendii keessatti irraa fuudhatame. Dubbichatu isa Girmaan dubartoota biraa waliin beeku ta'uu dide. Bakka lubbuu isaa qabdee micirirsitee dhiisuu didde. Dhiirummaa isaa keessatti butuchuun imimmaan ija lamaaniin yaaste. Miironni isaa marti yeroodhaaf ni laamsha'an. Ofirraa qabuufis ta'ee kadhachuuf harki isaa sochoo'uu, arrabni isaas dubbachuu dadhaban. Yeroo ishiin gadhiistu, 'jorgaa!' Jedhe. Bakka inni kufetti dhiistee biraa deemte Laliseen…*(Fuula 136).

Yaada kana irraa kan hubannu Lalisee kaayyoo nama qabdu ta'uufi Girmaan amala badaa duraan qabu shamarran hunda irratti bifa walfakkaatuun gochuuf yaaluu isaatu har'a balaa kanarra isa buuse. Laliseen akka inni yaade ta'uu diduu isheefi inni immoo akkuma dura bare amala gadhee

isaa isheerratti raawwachuuf yoo yaalu laliseen utuu inni hin yaadin qaama isaaf lubbuu ta'e qabdee kuffiste. Kun immoo waldiddaa isaan lamaan gidduutti ta'eedha.

## 3.2. Fayyadama Afaanii Asoosama Booree Ganamaa

Ogbarruu barreeffamaa keessatti, akkaataa barreessan afaanitti gargaarame fayyadama afaanii jedhama. Kun immoo tooftaa barreessan tokko, ergaa barruu isaa caalatti fudhatamummaa fi miidhagina akka horatuuf itti yaadee, kuulee barreessudha. Isaanis: dhamjecha, jechoota, malleen dubbiifi mammaaksota ta’uu danda’a.

### 3.2.1 Fayyadama Dhamjechootaa

Dhamjechonni haala tajaajila isaanii irratti hundaa’anii iddoo gurgudda lamattti qoodamu.Isaanis dhamjecha horteefi uumamteedha. Kunis seera afaan tokkoo keessatti bu’aa guddaa qaba. Innis bifa armaan gadiitin ibsameera.

#### 3.2.1.1.Dhamjecha hortee

Dhamjechi hortee garee dhamjecha hirkataa ta’ee tajaajila caaslugaa kan of keessa qabu. Isaanis koorniyaa ramaddii tokkoffaa, lammaffaa, sadaffaa, maayii, lakkoofsa, kan xiyyeeffannoofi k.k.f ta’uu dana’a.

##### 3.2.1.1.1. Dhamjecha Hortee Lakkoofsaa

Dhamjechi hortee lakkoofsaa dhamjechoota heddummina agarsiisanidha. Isaanis irra caalaa garee jechootaa keessaa maqaa irratti kan xiyyeeffatanidha. Dhamjechoota hortee lakkoofsaa kan agarsiisan:

-oota, -ota, -lee, -een, -yyii, -wwaan, -ootiifi, kkf.

Fkn:**-oota**

**…biyy<u>oota</u>** dukkana keessa jiranis…(5)

...**hojjatt<u>oota</u>** humnaafi yeroon tun…(2)

**-oota** -biqilt<u>oota</u>(2)

-Gand<u>oota</u>(2)

**-ota** -Dhiir<u>ota</u>(5)

-Moot<u>ota</u>(74)

- Jaars<u>ota</u>(69)

**-lee** -meeshalee(7)

-taphattoota (3)

-keessummoota (4)

-kashalabboota(10)

-maanguddoota(44)

-aanolee (46)

**-an** -shamarran(3)

-dardarran(3)

-ilmaan(53)

-lamaan (5)

-guyyaan (29)

-ijaan (30)

B**) Dhamjecha maayii (matimaa)**

Dhamjechoonni maayii matimaa asoosama Booree Ganamaa keessatti niargamu. Isaanis kanneen argaman gadiiti.

**-ni** -Abboonni(1**)**

- Qabbanni (1)

-Harroonni (1)

-Asaasni (4)

-Deeggartoonni (42)

-Namoonni (42)

**-n** -Tumsaan(6)

-Boontuun (6)

-Laliseen (6)

-Harkaan (8)

-Meeshaan (11)

-Abbaan (23)

-Ijaan (30)

-Qubaan (61)

-i -Namni(4)

-Waaqni (5)

-poolisni (4)

-Uumamni (26)

-Dhiigni (55)

Dhamjechi hortee, lakkoofsafi maayii matimaa agarsiisan kun iddoo itti barreeffame osoo hin taane iddoo baay'etti yookin asoosama kana keessatti bal'inaan irra deddeebi'anii ibsamaniiru. Kun immoo barreessaan jechoota qabutti haalan fayyadamuun qusannoo jechootatti dhimma ba'uu agarsiisa.

**C)Dhamjecha hortee murteessituu**

Dhamjechi hortee murteessituun, dhimma tokko irratti kan murtaa'u yoo ta'u asoosama kana keessatti dhamjechi murteessituu ta'een dhimma itti ba'ameera. Isaan keessa muraasni:

Fkn: **ichi/icha**

1) Akka waan balbalichi Lalisee qofa….(10).

2) …Sukkaaricha kuntaalan irratti…(41).

3) Garuu gaafa deebin qormaatichaa…(43).

4)…dabtara gurbaa hiyyeessicha waliin,(29).

5) Quba isaa agarsiistuu gara gurbichaa…(22).

6) Har'a immoo kan namtichi guddifate,…(63).

7) Laliseen akkuma alaa kuticha seenteen…(69).

8)….biqiltoonni dallicha keessaa…(72).

**D) Dhamjecha hortee xiyyeeffannoo**

Dhamjechoonni xiyyeeffannoo karaa adda addaan agarsiifamuu danda'u. Innis karaa, dhamjechaafi caasatiini. Dhamjechoonni Afaan Oromoo xiyyeeffannoo agarsiisan keessaa kan asoosama "*Booree Ganamaa* " keessatti argamu bifa armaan gadiin ibsamaniiru.

Fkn:

**–tu**

1)…anatu reeffatti aana…(43)

2)…Harka namaatu isaan fixe…(53)

3)…Namatu ajjeese…(53)

4)…koodetu, koodee salfachiise…(74)

**-uma**

5) Guyyuma eeggatti malee…(8)

6)kan inni oolu magaaluma tana(9)

7)tanuma naannoo mana…(53)

8)…lubbuun isaanis darbee halkanuma tokkotti.(53)

9)….ijji isaa ammas gurbuma leellisa…(69)

10)….dhiiguma isaatu dhiiga isaa….(73)

**-dhuma**

11)…kubbaadhuma dirree taphaa…(48)

12)…seenaadhuma durii kaasanii….(49)

Dhamjechoonni hortee xiyyeeffannoo armaan olii asoosamicha keessatti kanargaman, yoo ta'u barreessan yaada isaa caalatti dubbisaa hubachiisuf yookiin ergaa cimaafi hawwataa taasisuuf dhamjechoota kanatti dhimma ba'eera. Kanaafuu haala kana keessatti akka ciminaatti ilaalamuu danda'a.

**E) Dhamjecha Hortee koorniyaa**

Dhamjechii hortee koorniyaa gosa dhamjecha hortee saalaa irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, saala dhiiraafi dhalaa kan adda baasudha. Asoosama "*Booree Ganamaa*" keessattis dhamjechoonni bal'inaan ibsamanii jiru. Isaan keessaas muraasa fudhannee yoo ilaalle:

Fkn **Dhiira**

1) Hiriyoota isaagammachiisuf(10).

3) Manniisaa….(43).

4) Obboleettii kaadhima isaa…(73).

**Dhalaa**

5) Yemmuu isiin seeqqattu akka…(5).

6) Namni isiif hin kaayyeffanne…(9).

7) Obboleettiiishii lalisee…(22).

8) Gaaffii sammuu ishii…(24).

Dhamjechoonni armaan olii kun iddoo asoosamichaa keessatti bakka baay'eetti mul'atu. Kun immoo irra deddeebin bakka heeddutti waan ta'eef, barreessan haala jiruu ol dhamjecha kanatti dhimma ba'eera. Kun immoo dubbisaa qalbiisaa booji'uu dhiisee nuffisiisuu danda'a.

Walumaagalatti barreessan gama dhamjecha horteetti haalan fayyadameera.kun immoo dhamjechoota danoomsee, xiyyeeffannotti dhimma ba'ee,gama qooddattoota asoosamichaan saala isaanii dhamjecha horteetti fayyadamuun dhimma ba'eera. Kun immoo gama tajaajila isaanin hojiirra oolchee asoosamicha miidhagsuun isaa akka ciminaatti ilaalama. Keessumattuu, heeddummeessun, namoonni fakkaattota asoosamichaa akka adda baafatuufi ergaa isaan dabarsan xiinxaluf bu'aa buuseera.

**3.2.1.2. Dhamjecha uumamtee**

Dhamjechi uumamteen, gosa dhamjechaa garee jechootaa tokko irraa, garee jechoota biraa uumuti. Kanaafuu warra jechoota haaraa uumudhaaf tajaajilanidha. Isaanis maxxanfachuun garee isaanii jijjiiru.

a)**Maqaa qabatamaa irraa maqaa dhakataa uumuu**;

Fkn: –Hiyyeessa=hiyyummaa

-goota=gootummaa

-Daa'ima=Daa'imummaa

-Durba =Durbummaa

-Fayyaa=Fayyummaa

-Oromoo=Oromummaa

-Saba =Sabummaa

**b) Maqaa gochima irraa uumuu;**

Fkn: –marii =mari'atan(13).

-Hoo'a =Hoo'ifatan(32).

-Dhungoo=Dhungachuu(10).

-Deemsa=deemuu(12).

-Boo'icha=Boosse(16).

-Ciisicha=Ciise(16).

-Dhugaatii=Dhuguu(32).

-Jaalala=Jaalate(38).

-Ulfa=Ulfaa'uu(66).

Barreessan dhamjecha uumamtee fayyadame, jechoota gara garaa galmee jechaa adda addaa uumeera. Adeemsa yaa'ina jaargochaa asoosamichaa keessatti, maqaa, maqibsa, gochimafi k.k.f walii walii isaanii irraa uumee asoosama *"Booree Ganamaa*" keessatti dhimma itti ba'eera. Jechoonni uumaman immoo jechoota ifaadha. Kana malees bifa kanaan jechoota uumuu osoo danda'uu jechoota baay'ee afaan biraa irraa ergifachuun immoo akka hanqina barreessichaatti ilaalamuu danda'a. Jechoonni kunneen armaan olii kun immoo fuula irratti ibsame qofa osoo hin taane iddoo baay'etti argamu.

### 3.2.2. Fayyadama jechootaa

Fayyadamni jechootaa ogbarruu keessatti bifa gara garaan Kan mul'atudha. Kunis bifa idilee yookin alidileen ta'uu danda'a. Jechoonni ogbarruun ittin kalaqaman warra hiika dhanquu qabaatan ta'uu danda'u. Kanaafuu fayyadama jechootaa karaa adda addaan ibsuun ni danda'ama. Haata'u malee qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu fayyadama jechoota asoosama "Booree

Ganamaa"keessattis bal'inaan argamanii irratti. Isaan keessaa jechoota barreessan asoosama isaa keessatti dhimma itti baheefi ergaa dabarsuu barbaade gurra dubbisaa biraan ga'ee jechoota faallaa, jechoota ergisaa, jechoota loogaa, jechoota hiika walii ta'anitti dhimma ba'uun xiyyeeffannoo hiikafi ergaa isaan dabarsuu barbaadan irratti hundaa'uun bifa armaan gadiitin qaacceffamaniiru.

### 3.2.2.1. Fayyadama jechoota faallaa

Jechoonni faallaa ergaafi kaayyoo isaanin waan isaan ibsan irratti hundaa'un fuula isaan irratti argaman waliin xinxaalameera.

Fkn:

1)…xiqqaa guddaa, laafaa jabaa, beeka wallaalaafi, dhiira dhalaa… jiruufi jireenyaan raatessee,... (fuula 2).

Achii keessatti qabbanni galgalaa dhala namaa maraaf osoo adda hin qoodin haala walfakkaatu qabaachuu ibsuufi waan uumamaa waan ta'eef uumama hundaaf qixa jechuuf jechoota faallaa olii kanatti fayyadamee ergaa isaa dubbistootaf gumaache. Kanaaf qabbanni xiqqaaf guddaa, laafaa jabaa, beekaa wallaalaa, dhiira dhalaa jedhee adda hin baasu.

Fkn:

2) …cimaan akka hojjatamteef, kaabaa kibbaatti, bahaa dhihatti daangaa daangatti waan ilaaluu barbaadan hunda namatti agarsiisa(fuula 23).

Barreessituun haala bocamuu magaalaa Gimbii dubbisaatti himuuf jechoota faallaa olii kanatti dhimma baate kun immoo namni boca kallattii kamiyyuu yoo Gimdii ilaalan 'waan mara arguu dandeessu' jedhu jechoota waliif faallaa kanatti dhimma baate.

Fkn 3)…daldaltoonni gurgurtaafi bittaan walii galu…(41).

Adeemsa kana keessatti bituu yookin gurguruu qofa osoo hin taane kan bituufi kan gurgurus jiraachuu agarsiisa.

4)… mankaraarsee oliifi gadi ari'uufi ariisisuuf…(15).

5)…guutee, alaamana fudhate…(22).

6)…bishaanni kun gamaa gamanaan taliila…(4).

7) Tumsaan kana hundaa duraaaduuban kaase…(6).

8) … Kanaaf ganamaagalgala guyyaa…(8).

9) ….isa waliin galtee dhirsaaf niitii tahan…(12).

10) …iyya dhiiraadhalaa, xiqqaaguddaa, sa'aanama maqaa waame...(12).

11) Asii bahee achii dhufee isaa….(32).

12)…faana oljedhee gadi jechuudha (46).

13) Achi galagalaa as galagalaa… (48).

14) Warradu'etuka'ee dhaabate… (50).

15) Xiqqaafguddaa ummata Oromoo (54).

16) Yaboo waaqaflafaa isinitti kennadhe (54).

17) teesseskaatu, deemtesdeebitu guyyuma…(58).

18) …jaalatteesjibbitees kiyyaaf…(67).

Jechoonni faallaa jechoota hiika fuggisoo qabaniin yookin waliif hiika kan hin taanedha. Sabani isaas dubbisaan asoosama sanaa yeroo waan tokko irraa hubatu walbira qabeeti. Kun immoo faallaa wanta sanaas hubachuun ergaa ogbarruu Sanaa xinxaaluu, waan ibsuu barbaades haala sana keessatti hubachuu danda'a. Keessumattuu ergaa dabarsuu barbaadde barreessituun, dubbistoonni hiika isaa yoo wallaalan faallaa beekuu danda'u waan ta'eef haala waliin deemaniin barreessite. Kanaafuu, qalbii dubbisaa hawwatee ergaa isaa haala kaayyoo isaa galmaan ga'uufi dubbistoonni isaa gadi fageenyan yookin ergaa yaadan seenicha hubachiisufi akka hin dagatamne suura sammuu namaatti kaasuu danda'a.

**3.2.2.2. Jechoota Ergisaa**

Jechoota ergisaa jechuun jechoota afaan biroorraa galagaffamanidha. Isaanis afaan biraa keessatti tajaajilaaf oolu. Kana jechuun hawaasa afaan sana dubbatuun gama amantii, siyaasaa, diinagdeefi hawaasummaa waljijjiirrachuf ni tajaajila. Kun immoo kan ta'u, afaan sana keessa

jecha afaanichaan jedhamu yoo dhibedha. Kana irraa kan hafe garuu afaan jecha sana osoo qabuu kan biraatti fayyadamuun guddina afaan keessatti ergifame sanaa irratti dhiibbaa guddaa qaba. Kun immoo jechoonni sun irraanfatamuun afaan sana keesssa baduu danda'u. kanaafuu barreessitoonni jechoota afaan oromoo keessatti argaman afaan biraarraa ergifachuun hinbarbaachisu. Kana keessattis jechoota ergisaa barreessan afaan biraarra ergifatametu mul'ata. Kanaaf barreessituun asoosama kana keessatti jechoota ergisaa isheen fudhatte kan xinxaalamudha.

**a)** Jechoota afaan biraa irraa ergifatame:

| | |
|---|---|
| -bagtaraa (30) | -Maatrikii(43) |
| -kashalabbee(19) | -Ambulaansii (49) |
| -shugguxii(50) | -Bilookii(25) |
| - mother! (3) | -poolisii(52) |
| -ekonoomiksii(10) | -dooktara(73) |
| -baayoloojii (10) | -Foormii (43) |
| -space (10) | -Hospitaala (42) |
| -yuunivarsitii (2) | -Laaboratorii (68) |
| -hospitaala (18) | -Nageetiva (57) |
| -taaksii (41) | -Hoteela (41) |
| -Kompuutera (29) | -Elektirika (65) |
| -Taabota (47) | -Dabtara(27) |
| -Kiristaana (57) | -Ispoonjii(65) |
| -Ortodoksii(37) | |

Jechoonni barreessituun afaan biroorraa ergifatte kun kan Afaan Oromoo qofa osoo hin taane afaanota biyya keenyaafi biyyoota alaa hedduu keessatti ergifamanii kan tajaajilanidha. Kun immoo caalatti jechoonni kun afaanotii keessa ilaalanii yoo hin madhaksine guddina afaanii irratti dhiibbaa fiduu danda'a.

Dabalataanis jechoota afaan oromoo keessa hiika qaban kan akka: mother, Bilookii, Nageetiva, Foormii, Ekonoomiksii, jechoota jedhaaman barreessituun akka ergisaatti fudhachuu hindandeessu. Kun immoo calaatti dhimmi sun akka hubaatamuufi malee rakkoo biraa ta'uu danda'a. Garuu, jechoonni kun yeroo baay'ee irra deddebi'amaani yoo dubbataaman ykn barreeffamaan, jechoonni Afaan Oromoo sun baduu danda'u. Akkasumas, jechoonni afaan biraa irraa ergifaman kan Afaan Oromootin hiika hinargatin jiran kanneen akka: dooktara, Kompuutera, poolisii, Maatrikii, Elektirika, Ambulaansii, Hoteela, baayoloojii, hospitaala, taaksii, jechoota jedhaman barreessaan akka ergisaatti fayyadamuu mala; Garuu yeroo fayyadamu, jechi sun ergisa akka ta'e hubachiisuu qaba yookaan mallattoo waraabbii qeenxee keessa galchuu qaba.

Kun immoo caalaatti dhimmi sun gama koree waaltina irratti xiyyeeffata; barreessituunis, utuu jechoota kanneeniif hiika Afaan Oromoo nita'aa jettee kanyaadu bakka buustee fayyadamtee gaarii ta'a. Haata'u malee akka hubaatamuufi malee rakkoo biraa ta'uu danda'a. Garuu jechoonni kun yeroo bay'ee irra deddebi'amaani yoo dubbataaman ykn barreeffamaan, jechoonni afaan oromoo sun baduu dandaa'u.

### 3.2.2.3. Jechoota wal fakkii

Jechoota walfakkii kana keessatti, jechoota caalatti hiika jecha sanaa ibsuuf gale yoo ta'u,akkasumas yaada isaa dubbistoonni hubachuuf kan gargaarudha. Kun immoo bifa hammattuutin asoosamicha keessatti kan barreeffaman yoo ta'u kanneen armaan gadiiti.

1) Horii (qarshii) (12).
2) Dhiyaana (irbaata) (13).
3) Koochoo (baallee) (25).
4) Torban sadi( guyyaa digdama)(60).
5) Intala (durba)(3).

Barreessituun jechoota walfakkii walcinaa qabuun, tokko yoo ifa ta'uu baate, kan itti aanu ifa godhee caalatti immoo dubbistootaf haala mijeessa. Dabalataanis jechoonni kun naannoo tokko qofatti kan beekamu yoo ta'e, namni biraas jecha sanatti akka dhimma ba'u tajaajila waan ta'eef akka ciminaatti ilaalamuu danda'a.

### 3.2.3. Fayyadama Mammaaksaa

Mammaaksi fayyadama afaanii keessaa tokko ta'ee, dhimma tokko gabaabsanii hubachuuf kan gargaarudha. Keessumattuu barreeffama ogbarruu tokko keessatti dhimmi ka'u mammaaksan yoo walmake dubbisaan salphaatti ergaa asoosama sanaa hubata. Akkasumas yeroo dheeraf osoo hindagatiin sammuu dubbisaa keessatti waan fakkii kaasuuf turtii umrii dheeraa qaba. Kanaafuu mammaaksi asoosama "Booree Ganamaa" keessatti haalan dhimma itti bahameera. Isaanis bifa armaan gadii kanaan ka'aniiru.

1) Suuta deeman suuta qoreen nama waraanti (1).
2) Dhuufun mariin dhuufan hin ajooftu jedhan (6).
3) Ibidda duruu beeka, utubaa narraa qabaa jette eelen (8).
4) Yaa marqaa si hafuufun si liqimsuufi (9).
5) Akka baran miti akka baraatti bulu (12).
6) Sareen dhahinsa dandamattu iyyiti (15).
7) Kan darbe faana hin darban(22).
8) Waaqni cittoo namatti godhe qeensa nama hin dhoowwatu (29).
9) Iyyeessifi qilleensi hin taa'u (37).
10) Qacceen ofumaa rukuttee ofumaa iyyiti (42).
11) Du'a hin jibbinee sukkuumman jibbe jette tafkiin (43).
12) Walfakkaattun walbarbaaddi (47).
13) Arbi lamaan yoo wallole gidduutti migiratu miidhama (58).

Barreessituun asoosama “Booree Ganamaa” mammaaksatti fayyadamuun haala dubbistoota haammachuu danda’uun ergaa cimaa dabarsuu danda’un/fayyadama afaanii, keessaa mammaaksatti dhimma baateetti. Kun immoo yeroo waa’ee waan tokkoo barreessu mammaaksa jalatti ibsuun, abdii kutannnaa, abdii horannaa, jajjabina, gowwummaa, gamnummaa, obsa qabaachuu fi kkf kan agarsiisu gosa fayyadama afaanii keessatti dhimma bahuun ibsameera. Fkn “*ibidda duruu beekaa utubaa narraa qabaa*” jette eelen (8). Mammaaksa kana keessatti dubbisaan taatee raawwate salphaatti hubachuu danda’a. Kun immoo eelen bidden, ibiddarra oolti waan ta’eef miidhaa ibiddi elee irraan gahu hin jiru. Garuu utubaan irraatti yoo kufe cabsuu danda’a. Kanaafuu yaadni asoosamicha keessa jiru soda qaama wa’ii kan argisiisu ta’uu isaa caalatti mammaaksa sanarraa hubachuun ni danda’ama. “*waaqni cittoo namatti godhe qeensa nama hin dhoowwatu*”(29). Mammaaksi kun yaada abdii of keessa qaba. Asoosama sana keessatti, rakkoo tokkoof furmaataf waan kaawwametu jiraata. Yeroo kana dubbisaanis qalbiin isaa asoosama sana dubbisuu barbaada.Kanaafuu, barreessan iddoo barbaachisutti fayyadama afaanii mammaksatti dhimma bahee yaada gabaaban ergaa cimaa dabarseera. Kun immoo akka ciminaatti kan ilaalamudha. Kanaafuu gama kanaan hanqina hin qabu.

### 3.2.4. Fayyadama Malleen dubbii

Malleen dubbii fayyadama afgaanii keessaa tokko ta’e, akkaataa barreessa malleen dubbii fayyadamee ergaa ittiin dabarsudha. Kun immoo mala maalin walqabsiisee yookin waan tokko tokko waldorgomsiisee kan ibsudha. Keessumattuu haala sana keessatti maaltu waan biraa jala akka dhoksame hawaasaf dhimma tokko ibsuu bakka itti ilaalamudha. Kanaafuu mata duree kana jalatti gosoota malleen dubbii barreessan asoosama “*Booree Ganamaa*” keessatti ka’an:

#### a) Fayyadama Akkasaa

Fkn ) 1)…addeenyi bifa isaatifi qulqullumman isaa akkuma gowwummaa (2)

2)…akka waan taphattootaa fi atileetotaatti… (3)

3)… sarataa fardeen salaalee kan walgitu,ijji isii(6)

4)…akka karameellatti na xuuxxataa (6)

5) Harka isaa shimala takkaatu olkaasee (7)

6)…barattee kan boombii fakkaattu…(17)

7… akka simbira bararuuf taatuu(21)

8) …dafqi akka bishaanitti keessa gadi….(22)

9) …kan akka bakakkaa samii bu’ee(30)

10)…lapheen isaanii akka dibbee dho’ate(41)

11) akka loltuu lolaaf qophooftee,…(53)

12)akka re’ee goondee nyaattee…(61)

13) qaamni boontuu bosbosni isphoonjii fakkaatu…(65)

14)…akka ija adurree hantuuta adamsituu(69)

15)… akka bakkalcha barii (72)

16) Dhiigni Tumsa’arra akka bishaan laga gibe…(73)

17) Harki lamaan alangee fakkata (6)

Barreessan malleen dubbii akkasaa fayyadamee’ergaa barbaadamu dabarseera. Innis fayyadama afaanii akka, hanga caalas fakkate jedhu keessa irra caalaa “*akk*a”itti fayyadamu waan biraan walbira qabsiisee ibseera. Kun immoo warren uumamaan garaagarummaa qaban, garuu haala tokkoon ibsamanidha. Fkn “akka karameellaa na xuxxuuxa…(6),kun kan agarsiisu namni karameellaa osoo hin ta’in, baay’ee waljaalatanii wal dhungachuu isaanii agarsiisuf, akka karameellatti jedhee fayyadame. Kun immoo sammuu dubbisaa keessatti fakkii uumun ergaa asoosamichaa caalatti ifa taasisa.

**a) Bakkasaa**

Fkn 1 2)…. Sodaa sammuun isaa itti bilbile keessummeessu (6).

2) fira wal dhabe bachoo fi aannan walitti godhanii biraa…(46).

3) Yeroon fal’aana si’a tokko…(48).

4) … xiiqin, dhiigni fi aarin balbabala onnee isaa rurrukutanii banatanii, itti ol seenan…(48).

Bakkasaan amala waan tokkoo fuudhanii qaama biraatti uwwisuuti. Kun immoo waan walitti dhiyaachuu hin dandeenye walitti fiduudha. Barreessan qalbii dubbisaa booji'uuf amala waan tokkoo fuudhee qaama biraatin bakka buuse. Fkn,"…*soda sammuu isaa itti bilbile keessumattuu*…(6) sammuu isaa bilbila qabaatee bilbiluu hin dandeenyetu, itti bilbile. Kanaafuu, fayyadaama maleen dubbii keessatti, amala nama bilbilu dandaa'utu, sammuu bilbiluu hin dandeenyen bakka bu'e.

Dabalataanis, "*yeroon faldhaana si'a tokkoo*…." (48). As keessaatti wantoota wal fakkaachuu hin dandeenyeetu jira. Yeroon faldhaana jedhu kun immoo yeroo nama miidhuus, nama fayyaaduus dandaa'ani. Faldhaannis yoo ittin nyaattan kan namaaf fuutu, yoo akka tasa namaatti buute immoo nama fuuti waan ta'eefi. Kanaaf barreessan fayyaadama afaanii bakka isaa irraati erga isa dubbiisaaf wan qoodef akka cimiinaati ilaalama.

**b) Nameesuu**

1) Qabbaanni ganama sanaa...akkuuma nagaan ooltan nagaan bulaa jeedhe, ….(1)

2) ……'iddoo bira irraa dhuftaanii narra hin deeminaa!' jedhee lafti,………………………….(2)

3) "*ibbiida duruu beeka utuubaa narra qabaa*" jette eeleen ……………. (18)

4) Soofaan yemmuu irra ta'an anaa haa dhufuu jedhee…………………………(16)

Nammeessan gosa maleen dubbii wan nama hin taanne tokko amala nama gonfaachiisudha. Kun immoo akka namaati dubbiisu, komaachuu, jiibbuu, mari'aachufi kkf gonfaachiisani kalaaquudha. Kanaaf asoosama "*Booree Ganamaa*" keessaattis, amala, lafa, eelee, soofaa, taafkii, namaati fakkeesssun, gocha dhalli nama goodhu yookaan dubbaattu fayyadaama afaaniiti fayyaadamee waan ibsef cimina isaatu muldhaata.

**c) Arbeessuu**

1) ……harroonni, fardeeniifi gaangoonni gandoota aaniicha irra qamaadi baatani fidaaniifi fee'aanii baasuf waan dhaabbataniifuu osoo dhagaas darbaanii waan lafa bu'uu hinse'an. (1)

2) Guntunni ishee lamaan tabba qaama ishii gubbaa ta'aani achii gadii nama ilaalan qalbii dhiiroota bay'ee saamaniru. (5)

3) Laliiseen, koola hirriiba seente, osoon isiillee baatani baasaniille waan dhageechuu hin fakkaattu. (fuula 69)

4) Durallee ittuma maraamti kan har'aa garuu addaa, oluuma dhuugde. (21)

5) Guyyaa sana yoo danda'aame samiifi lafa waliitti dhiyyeessuun qophii…(22)

Arbeessuun gosa malleen wan tokkoo humnaa ol guddiisaani mul'isuu waan ta'eef barreessaanis yaadicha caalatti gurra guddiisuun dubbiisa biran gahee jira.

**d) Mallattoo/ Fakkoommii**

1) ….Taabota waldaa kiristaanaa ortodoksii mikaa'elaatti awwaalan.(47)

2)…Hanga har'aa bahee galuun malkaa tokko…(48)

3)….,marga irra taa'anii isas teessisan (52)

4) Coomni muramee, birraan ….(55)

Mallatton gosa malleen dubbii, fakkoommii waan tokkoo agarsiisudha. Kun immoo qaama bakka bu'aman keessatti waan bakka bu'an qabu. Barreessanis iddoo muraasatti haalan fayyadameera. Fkn, Taabota, kiristaana ortodoksii, mikaa'ela, malkaa, margaa fi coomni asoosama kana keessatti fakkoommi qabu. Kunis, fakkoommi amantii, fakkoommii aadaafi dinagdee kan agarsiisanidha.

**e) Eemitii/Sobdhugaa**

1) Diigdee ijaarti, yaabdee buuti,…dhaabdee buqqisti, ni kaati ni ciisti (32)

2) Namni xiqqaa guddaan faana gadi jedhee ol jechuudha.(46)

3) Omishi gandoota naanawa isiitii fe'amu bonaa ganna hoo'itee (46)

4) Waan du'aa jiraa kaasee yaadachiise,kaan kofalchiisee, kaanimmoo boochise.(52)

Sobdhugaa /Eemitiin yaadota lama of keessa qabu ta'ee yaadni jedhamu soba kan fakkaatu garuu keessa isaa yoo ilaalan dhugaa kan ta'udha. Barreessanis barreeffama Booree Ganamaa keessatti dhimma baheera. Fkn 1ffaa keessatti yoo ilaalle, diigdee ijaaruu, yaabdee bu'uu, dhaabdee buqqisuun, kaatee ciisu altokko keessatti waan hin danda'amneef soba fakkaata. Garuu keessi isaa yaadni itti baay'atee, yaadan waan burjaajofteef dhugaadha. Kanaafuu akka waliigalaatti barreessan malleen dubbii ergaa ciccimaa dabarsaniifi dubbisuuf qalbii namaa hawwachuu danda'utti fayyadamee asoosama dubbisuuf waan dhiyeessuf cimina qaba.

## BOQONNAA AFUR : CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

### 4.1. CUUNFAA

Qorannoon kun qaaccesaa waldiddaafi itti fayyadama afaanii asoosama Booree Ganamaa irratti kan xiyyeeffateedha. Waldiddaanis caacculee asoosamaa keessaa tokko ta'ee gosoota adda addaatti kan qoodamuudha. Waldiddaawwan kunneenis waldiddaa qooddatafi mataa isaa, qooddataaf hawasaa qooddataafi uumaa, qooddataaf qooddataa kan ta'aniidha.

Gama itti fayyadama afaaniin immoo, fayyadamni afaanii ogbarruu keessatti ta’ee barreeffama biroo keessatti kan mul’atu waan ta’eef daangaa hin qabu. Kun immoo of eeggannoo guddaa kan barbaadu waan ta’eef, barreessan yeroo dhimma tokko barreessu, fayyadama afaanii gama dhamjechaa, jechootaa, himootafikkf keessatti mala qabaachurra darbee ergaan isaa kan hubatamudha.

### 4.2. Argannoo

Argannoon qorannoo kanaan bira gahame kanneen armaan gadiiti.

-Asoosamni kun gosoota waldiddaa jiran keessaa waldiddaa alaa baay'innaan akka qabu bira gahameera. Akkasumas waldiddaa keessaa muraasa qabaachuun isaa bira gahameera.

-Asoosamni kun gosoota waldiddaa alaa hunda akka of keessaa qabaatee argama.

-Fayyadama afaanii irratti, sadarkaa dhamjechootaatti addaan baasuu keessatti dhamjechoota gama dhamjecha hortee, heeddummina agarsiisu, koorniyaa agarsiisu, mayii matimaafi, kkftin dhamjechoonni sun ba’anii xinxaalamaniru.

-Dabalataanis dhamjecha uumamteetti fayyadamuun, garee jechoota tokkorraa garee jechoota biraa uumun fayyadama jechootaa irratti wantoota kaan keessumaayyuu jechoota loogaa, jechoota faallaa, jechoota ergisaa, jechoota walfakkii haala barreessan itti fayyadamedha. Kun immoo jechoota loogaa sadarkaa dhamjechaafi jechootatti adda baasun ka’ameera. Kana malees jechoota ergisaa afaanota biraa keessa fuudhee dhimma itti bahameera.

Fayyadama mammaaksafi malleen dubbii asoosamichaa keessatti, gosa malleen dubbiitti fayyadamuun ergaa cimaafi hubannoo dubbistootaf kenneera. Kanamalees mammaaksonni qabiyyee asoosamichaa keessatti maal bakka bu’uu akka danda’anifi cimina barreessa ta’uun irra ga’ameera.

**4.3. Yaboo**

Yaboon wantoota akka hanqinaatti mul'ataniif furmaata ni ta'a jedhanii kaa'aniidha.

Asoosama kana keessatti waldiddaan hunduu bifa wal madaaleefi walqixxee ta'een hin jiru. Kanaafuu barreessaan gara fuula duraatti asoosama barreessu waldiddaaf xiyyeeffannoo sirriitti kennee bifa walmadaaleen utuu barreessee gaarii ta'a.

Barreessaan asoosama barreessu tokko sababoota waldiddaa uumuu danda'an warreen gurguddoodha jedhamaniifi waldiddaa yeroo namfakkiin waldidan qalbii dubbistootaa akka raasuu danda’utti utuu gargaaramee barreessee asoosamichi caalatti nama hawwachuu danda’a.

Waldiddaan asoosama tokkoo dhimma yeroon hin daangeffamne utuu ta'eefi yeroo kamuufi bara kamittuu dubbisaan asoosamichaa akka haaraatti akka dubbisuuf itti yaadamee utuu barreeffamee gaarii ta'a kan jedhu yaboo qorannoo kanaatti.

Akkasumas, gama itti fayyadama afaaniitiin asoosamni kun, karaa adda addaatiin ergaa cimaa dabarsa. Kanaafuu barreessitoonni ogbarruu yeroo barreessan fayyadama afaanii sirriitti fayyadamuun guddina ogbarruf gumaachuu, akkasumas, qorannoon kun jechoota safuu, caasaa gama himaatin irratti gaggeeffame waan hin jirreef, namoonni gama kanaan osoo qorannoo irratti gaggeessani gaaridha. Dabalataanis jechoota loogaa naannoo tokkoo fayyadamuurra yaada waltawaa yookiin jechoota waltawaa osoo ta’ee, jechoota ergisaatti baay’inaan fayyadamuurra osoo afaan oromoo keessa bakka buusanii ogbarruu oromoofi guddina afaanif bu’aa guddaa ta’uu danda’a.

**Wabiilee (References)**


Asaffaa Tafarraa(2009).*Eela:Seenaa Oguma Oromoo*.Finfinnee:Far east trading.

Cassidy. j(1991).*Enjoying literature*.New York:MC.Garaw hill.

Cuddoon J.A. (1999).*The penguim literary dictionary of literature terms and theory 3rd edition*: England.

Fedhasaa Taaddasaa(2013).*Subii*.Barruulee Oromoo.Finfinnee:Subi printing Press.

Geetaachoo Rabbirraa(2006).*Furtuu.Seerluga Afaan Oromoo kutaa 9-10*.Finfine:Kurazz International Publishing inter prize.

Htt/www.com types of conflict.

Melakneh Mangistu (2008).*Fundamental of literature*. Addis Ababa.

Misgaanuu Gulummaa Iraanaa (2011). *Sanyii*. Finfinnee.______.

Wasaneefi Jaarraa.(2008). Bantuu: *Seerlugaafi Ogbarruu Afaan Oromoo*. Finfinnee: Emay printers.

World book.Encyclopedia.vol.7. (1994). United state of America.

Zarihuun Asfaw (1992). *Yesina tsuf masarawii*. Addis Ababa Universty.

**Waraqaa Mirkaneeffannoo**

Ani qorattuun maqaafi mallattoonkoo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu isaa ibsa. Hojiin kun kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kana dubbise hunda isaanii wabii keessatti kaasuu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

**Maqaa Qorattuu**:-________________________________

Mallattoo__________

Guyyaa ___________

**Maqaa Gorsaa**:- _________________________________

Mallattoo _________

Guyyaa __________